# XIINXALA ERGAA JECHOOTA SAFUU OROMOON

# DUBARTOOTAAF QABU: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT

**MAZGABUU HUNDUMAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMATAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATU**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**ONKOLOLEESSA,2014**
**FINFINNEE**

# XIINAXALA ERGAA JECHOOTA SAFUU OROMOON DUBARTOOTAAF QABU: GODINA SHAWAA LIXAA AANAA GINDABARAT IRRATTI KAN XIYYEEFFATE

**MAZGABUU HUNDUMAA**

**GORSAAN:DR.MULUGEETAA NAGAASAA**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMATAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUUTIIN GAMISAAN GUUTTACHHUUF QOPHAA'EE MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATU**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**
**KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIIMIIFI QUNNAMTII AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**SADAASA,2014**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee**

**Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraan Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammataa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu barsiisuun guuttachuuf Mazgabuu Hundumaa, mata-duree: **Xiinaxala Ergaa Jechoota Safuu OromoonDubartootaaf Qabu**: Godina Shawaa LixaaAanaa Gindabarat Irratti Kan Xiyyeeffatejedhuun qophaa'e sadarkaa ulaagaayuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

**Koree Qormaataa**

Qoraa Alaa________________________ Mallattoo________ Guyyaa_____________

Qoraa Keessaa______________________ Mallattoo________ Guyyaa______________

Gorsaa ___________________________ Mallattoo ________ Guyyaa______________

______________________________________________________________

Itti gaafatamaa muummee yookiin qindeessaa sagantaa digirii lammaffaa ( MA )

# Ibsa

Ani qorataan  maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaakoo ta'uu, kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa:___________________________

Mallattoo:_________________________

Guyyaa:__________________________

**Axeerara**

Kaayyoon qorannoo kanaa Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf Qabu xiinxaluudha. . Gosti qorannoo kanaa qorannoo akkamtaa ta'ee mala iddatteessuu akkayyoofi tooftaa funaansa ragaalee kanneen akka afgaaffiifi marii garee fayyadamee mala ibsaan qaaccesseera. Qorannoowwan mata duree kanaan walfakkaatanis sakatta'amaniiru.Malli iddatteessuu qorannoo kana geggeessuu keessatti dhimma itti ba'ame immoo mala akkayyoofi darbaa dabarsaati.Meeshaaleen funaansa  ragaa qorannoo kanaas afgaaffii maanguddoota waa'ee safuu dubartootaa irratti hubannoo qaban iyyaafachuun maanguddoota hubannoo jechoota safuu dubartootaa qaban marii garee fayyadamuun odeeffannoon funaanameera. Bu'uureffannaan yaaxinaa, yaaxina aadaa hawaasaafi faayidaa ta'ee,safuun dubartoota ilaallatu maal maal akka ta'an jechoota kanneen hawaasa keessa gadiseenuun haala jireenya hawaasichaa irraa akka mul'atan,jechoonni safuu dubartootaa ibsan kunneen maatii irraa eegalee hanga hawaasa bal'aattillee faayidaa akkamii akka qabu,ergaa safuu dubartootaa dhokataa ta'uu isaatiin keessa jiaachuun dhandhamatan malee kan salphumatt hubatamu miti. Haala kamiin yeroo si'anaa ilaalamaa akka jiru odeeffannoo argame xiinxaluun ibsuun Argannoowwan qorannoo kanaan bira ga'amanis:Inni tokko jechoonni safuu dubartootaa ergaa dhokataa kan ofkeessaa qaban ta'ee, hawaasa Oromoo biratti  baay'ee kan kabajamu ta'uufi namni ajaja tokko malee uumaa,uumamaafi walii isaanii kabajanii akka waliin jiraatan gochuuf jechoonni safuu humna kan qaban ta'uu. Haata'u malee dhaloonni si'anaa haalli safuu dubartootaa ibsan xiqqaachaa kan adeeme ta'uu hubatameera. Akkasumas, Oromoon akkuma namaaf safuu kennu,uumama biroofis safuu laachuun madaala uumamaa eeguun jiraata. Itti dabaleess, jechoonni safuu sababa amantiin,faashina adda addaafi wantoota qaroomina fakkaataniin miidhamaa kan jiruufi jechoota safuu kanneen keessaa baduufi kaan laafanii jiraachuu qorannoo kanaan bira gahameera. Kanaaf, abbootiin gadaa, barsisoonni, maatiin, biiroon aadaafi turizimiifi qaamonni dhimmi isaa ilaallatu kunneen marti bakkeewwan argatan maratti maalummaafi faayidaa jechoota safuu barsiisuu bira darbanii  fakkeenya ta'anii mullachuun gaarii ta'a. Yoo akkas ta'e, jechoonni safuun kun waliin jireenya hawaasaa cimsuu bira darbee, nageenya naannoofi biyyaa eegsisuu keessattillee ga'een isaa olaanaafi murteessaa ta'a.

## Galata

Waan hundumaa dursa isa haala mijataafi himijanne keessattinagargaaruudhaan nagaa guutuu naaf kenne rabbiif galanni guddaan haata’u. Kaayyoon qorannoo kanaa akka galma ga’uuf jalqabaa kaasanii mikaa”ina qorannoo kanaaf humnaafi yeroo isaanii osoo hinqusatiin gorsaafi yaada bilchaataa kan naaf kennaa turan gorsaa koo Dr.Mulugeetaa Nagaasaatiif galanni koo guddaadha.

Jajjabina yaadaa naaf kennuufi qorannoo kana adeemsisuu keessatti haala adda addaa naaf mijeessuun kan nacina dhaabbatte haadha manaa koo Tigist Bultoo, barataa MA waggaa arfaffaa Guddinaa Asaffaafi Goshuu Abarraa yaada dabalataa qorannicha gabbisu kan naaf laatan baay’iseen galateeffadha. Hiriyyaakoo barsiisaa Araarsaa kabbadaa haala barreeffamaafi muuxannoo qabu naaf hiruun kan nadeeggaraa ture osoon hingalateeffatiin hindarbu.

Akkasumas,odeef-kennitoota qorannoo kanaa yeroon odeeffannoo dhimma qorannoo kanaaf gargaaru akka naaf kennaniif affeeramanitti eeyyamamoo ta’uudhaan yeroo isaanii aarsaa gochuun waraabbiifi suura kaafamuu,beekumsa waa’ee qorannichaa irratti qaban kan naaf laataniin galatoomaan jedha.

**Jibsoo**

Mata duree kana jalatti jechoota, gaaleewwaniifi gbajeewwan haarawaa qorannoo kana keessatti itti fayyadame kan dubbistootatti ulfaachuu danda'an jedhamanii yaadamantu hiikni ykn ibsi barbaachisaa ta'e itti kenname.Haaluma kanaan hiikni jechootaa, gaaleewwaniifi gabajeewwanii akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Ardaa dachee

Ayyaantuu akka aadaatti qomoo beekkamoo ta'an keessaa kan ba'u

Cifiree jaartii/dubartii sirna gadaa keessatti beekkamtuu

Deessuu haadha nama deesse

Dhibaayyuu sirna waaqa kadhachuun walqabsiisanii dhugaa akka farsoo naqaman

Dhugeeffachuu amanachuu

Elmuu mucha sa'a ameessaa harkisanii aannan baasuu

Fixxaayii garee galma qaalluu keessatti jeekkaruufi tajaajila adda addaa kennu

Guultuu gadaa abbaa ofii dhiisuun gadaa biraatti kan darban;gogeessajijjiirrachuu

Haraamuu nama fira fuudhe/fira wajjin walquunnamtii saalaa raawwate

Harcummee muka qal'oo ittiin loon tiksan

Jifaarrattee jifuu /waan barbaachisuu hunda guuttatee

Muudduu muudama kennuu keessaa qooda kan qabdu

Qoloo uffata dubartootaa dheeraa asii gadi uffatamu

Qomee uffata dubartootaa haphii

Sanyoo Sanyoo kan jedhamu, kan haadha manaa nama birootti deemu

Waarsaa fira dhihoo abbaa manaa/ijoollee wasiila gurbaa haadha manaa isaaf waarsaa ta'u

Weessoo meeshaa aannan ittiin raafamu

**Hiika Jechoota Kottoonfachiisaafi Gabaajeewwanii**

H/W/L--------hojjetaa waajira lafaa

H/W/A/T-----hojjetaa waajira aadaafi turizimii

Q/B----------- qotee bulaa

H/W/B--------hojjetaa waajira barnootaa

B/saa----------barsiisaa

H/M-----------haadha manaa

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


Axeerara ....... i
Galata ....... ii
Jibsoo ....... ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ....... 1
1.1. Seenduubee ....... 1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa ....... 4
1.2..Gaaffilee Qorannichaaa ....... 5
1.3. Kaayyoowwan Qorannoo ....... 5
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ....... 5
1.3.2. Kaayyoowwan Gooree ....... 5
1.4. Barbaachisummaa Qorannoo ....... 6
1.5. Daangaa Qoranichaa ....... 6
1.6. Hanqina Qorannichaa ....... 6
1.7. Qindoomina Qorannichaa ....... 7
1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa ....... 7
BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU ....... 15
2.1. Barsiifata ....... 15
2.1.1. Safuu ....... 16
2.1.2. Ergaa Jechoota Safuu Dubartootaa ....... 19
2.1.3. Gosoota Safuu ....... 19
2.1.3.1.Safuu Nam Gidduu……19
2.1.3.1. 1.Jechoota Safuu Dubartootaa Maqaa Hindhamne/Laguu ....... 22
2.1.3.1.2. 2.Jechoota Safuu Dubartotaa Maqaa Dhahaman ....... 24
2.1.3.1.3.1 .Jechoota Safuu Haadhaaf Jedhaman ....... 27
2.1.3.1.4.2.Jechoota Safuu Dubartoota Ulfaaf Jedhaman ....... 27
2.1.3.1.5.3.Jechoota Safuu Ijoollee Dubaraaf Jedhamu ....... 28
2.1.4. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa ....... 28
2.2. Yaaxxina Qorannichaa ....... 30
2.2.1. Yaaxina Faayidaa (Functional Theory) ....... 31

2.2.2. Yaaxina Aadaa Hawaasa( Folk-Cultural Theory)....... 31
2.3. Qorannoo Walfakkii....... 32
BOQONNAA SADII: MALA QORONNOO....... 34
3.1.Saxaxa
3.2. Mala Iddattoo....... 34
3.2. Madda Ragaa Qorannichaa....... 35
3.3. Malleen Funaansa Ragaa....... 35
3.3.1. Af-Gaafii....... 36
3.3.2. Marii Garee....... 37
3.4. Mala Qaaccessa Odeeffannoo....... 39
3.5. Muuxannoo Dirree....... 39
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE....... 41
4.1. Gosoota Jechoota Safuu Dubartootaa....... 41
4.1.1. Safuu Dubartootaa Lagataman/Kan Maqaa Hindhahamne....... 42
4.1.2. Safuu Dubartootaa Kan Hinlagatamne....... 42
4.1.2.1.Safuu Dubartoota Maanguddootaa....... 44
4.1.2.2. Safuu Haadha Manaa....... 45
4.1.2.3. Safuu Dubartoota Ulfaa....... 49
4.1.2.4.Jechoota Safuu Haadhaaf Jedhaman....... 50
4.1.2.5.Jechoota Safuu Ijoollee Dubaraa/Shamarraniif Jedhaman....... 52
4.1.3.6.Jechoota Safuu Dubartoonni Sirna Adda Addaa Keessatti Qaban....... 54
4.2. Ergaa Jechoota Safuu Dubartootaa....... 56
4.3. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa....... 56
4.3.1. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa Maatii Keessatti....... 56
4.3.2. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa Hawaasa Keessatti....... 57
4.4. Haala Jechoonni Safuu Dubartootaa Yeroo Si'aanaa Irra Jiran....... 57
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO....... 59
5.1. Cuunfaa....... 59
5.2. Argannoo....... 60
5.3. Yaboo....... 61
Dabaleewwan....... 65

# BOQONNAA TOKKO:SEENSA

## 1.1. Seenduubee

Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa gaggeeffachuuf naannoo jiraatu keessatti waan hojjetuufi ittiin beekkamu kan mataa isaa hordofa.Yeroo hawaasni tokko irra deddeebiin waa raawwatu yookaan hojjetu falaasama mataasaafi waan isa ibsu, waan kabaju,(iddoo guddaa kennuufii)qaba.Waan kabaju kanas akka safuutti fudhata. Gochi safuu mul'isu kenneen yeroo yeroon sadarkaa adda addaafi dhimmoota garagaraaf waan raawwatamaniif baramaa adeemu. Bifuma kanaan inni xiqqaan isa guddaa irraa inni wallaalaan isa beekaa irraa muuxannoo sabichaa fudhachaaadeema. Hanguma muuxannoo hawaasa keessa jiraatu irraa fudhate haala jireenyaatiin aadaafi safuu hawaasichaa itti yaadees ta'e waan raawatuun ni ibsa.

Birhaanuu (2013:81akka ibsutti,

> Hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti walkabajee jiraataa ture;jiraachaas jira. Kabajni kunis ijaarsa caasaa hawaasaa gama hundaan jiru ilaallata. Jechuun ijoollee, dargaggeessa, maanguddoo, dhiiraafi dubartii osoo hin jedhiin hunda kan hammatudha. Isaan kunniin akka aadaafi baree hawaasicha keessa jiruun kabaja/safuu mataa mataa isaaniifi walii walii isaaniif qaban nisafeeffatu/lagatu.

Akka yaada kana irraa hubatamutti,jalqabumaa kaasee hawaasni Oromoo akka walkabajaa tureefi aadaa walkabajuu kana immoo itti fufee ammallee walkabajaa jiraachuu isaati. Kabajni kunis sadarkaa garagaraatti kan raawwatamudha. Ijoollee irraa eegalee hanga maanguddootti,umuriifi kabajuun safuu akka kennudha. Akkataan uummanni Oromoo itti walii isaa kabaju kun immoo aadaafi safuu hawaasichaa kan mul'isu bartee yookaan beekkamtii hawaasichi ittin addatti beekamu qabaachuu kan mul'isudha. Kanas kan taasise gochoota inni akka safuutti guyyaa guyyaan raawwatudha.Safuu ilaalchisuun Maammoo(2010:104) yoo ibsu,"safuun seera uumamaatii fi kan hawaasa waliin jireenya uumama maraatuu ittiin eegu jechuun nidanda'ama. Safuu cabsuun seera uummama kan waaqaa akkasumas, seera hawaasni tokko nagahaafi waliin jireenya kiyya nabarbaachisa jedhee fudhate diiguu ta'a.Kunis, waaqa nu uumee fi hawaasa waliin jiraannuun walitti nubuusa" jedha.

Yaada kana irraa wanti hubatamu,safuun seera uumaafi uumamaa ta'ee,kan hawaasni ittiin waliigaludha. Seera waliigaltee kan ittiin nageenyi eegamu ta'uu isaa immoo hawaasichi kan itti amanee fudhatedha. Safuun kun cabuun immoo, nageenyi akka hinjiraanne taasisa. Nageenyi hinjiru taanaan namni walii wajjin jiraachuun ulfaataa akka ta'udha.Kana malees, gaafa safuun cabu namni namaafi uumaadhaan walitti bu'uu danda'a.walitti bu'insa kana booda wanti ta'u miidhaa kan ofkeessaa qabu ta'uu isaati. Dirribii (2012:64) safuu ilaalchisee akkas jedha:"Safuun waa hedduu ofkeessaa qaba.Safuu eeguun seera.Garuu seerri hundisafuu miti.Seerri namaan tumama,nibaha,nijiga,garuu safuun hintumamus, hinbahus, hinbu'us. Safuun seera uumamaati.Safuu eeguun immoo dirqama jireenyaati. Yoo safuu cabsan cubbuu hojjetu, miidhaa fidu."jedha.

Waliin jireenya kana keessattis uummanni seera ittiin jechoota safuutti fayyadamu qaba. Seerri kunis seera safuu jedhamuun beekama;Safuun seera waaqaafi lafaati. Oromoon bakka marattuu safuu ittiin uumaa, uumamaafi dhala namaaf ilaalcha qabu ibsu safuu irratti kan bu'uureffamedha. Akkuma safuu yoo eeggatan bu'aa qabu,safuu yoo cabsan miidhaa guddaatu jira. Kana jechuun yoo waan akka ilaalcha sabichaatti waan sirrii hojjetan akkuma nagaa argatan waan sirrii hintaane yoo raawwatan miidhamni kan namarra gahu ta'uu isaati. Kana irraa kan ka'e namni hunduu safuutti dhimma bahuun yookaan safuu eeguun dirqama hawaasa maraati. Namni kana hinraawwanne jalqaba miidhamaan namuma sanadha.Sababni isaa uumaatu itti mufata.Hawaasichatu isa jibba. Namni immoo, namaafi uumaa isaaf kan hin abboomamne yoo ta'e miidhamaa ta'uu isaatu hubatama.Taarikuu(2008:24-25) yoo ibsu,

> *Duudheffannaa Oromoo keessatti safuun yaadrimee bu'uura jireenyaa waan ta'eef naamusaalee hin barbaachifne kan akka nama rifachiisuu, nama doorsisuu, waliin dubbii hin barbaachife taasisuu, soba, hannaafi kkf kan argisiisudha. Jiruufi jireenya guyyaa guyyaa keessatti jechi "safuu" jedhu bal'inaan mul'ata. Kana jechuun akka duudhaa Oromootti waaqni, Lafti, uumaafi ayyaanni safuu jaalatu. Haala kanaan safuun yaadrimee ilaalcha Oromoo wanta dogongoraafi sirrii waliin walqabatedha.*

Yaada kanarraa akka hubannutti, hawaasni waliin jireenya walii walii isaa hariiroo uumaa isaa ittiin kabaju,aadaa isaa keessatti wanti kun ulfoodha jedhee yaadeef safuu kan kennuufiidha. Yoo akkas hintaane kan hawaasaafi uumaa gidduutti waldhabdeen uumamuun miidhaan

hawaasicharra kan gahu ta'uufi namni walitti dhufeenya hawaasaa keessaatti sammuu bilisa ta'e qabaachuuf wantoota gochoota akka sirriitti ilaalaman dalaguun dirqama ta'uu agarsiisa. Safuun jireenya dhala namaa waliin hariiroo cimaa kan qabuufi namni safuu malee jiraachuun miidhaa guddaa akka qabu ta'uu isaati.Miidhaan kunis inni guddaan gama uumaatiin ta'a jedhamee kan sodaatamu yoo ta'u, waliin jireenya hawaasaa keessattis baaay'ee barbaachisaa ta'uu isaati.

Kanumaan walqabatee Boordii Barroo Amantaa Waaqeffannaa(2011:44)akka itti aanutti ibsa: "Safuun uumama waaqaa kan dhiiraafi dubartii gidduu jiru, kan abbaafi haadhaa, kan jaarsaafi jaartii, kan Oboofi Coora gidduu jiru beekuu,kabajuufi safeeffachuun waliin jiraachuudha. Yoo waa dubbannu, eenyu biratti akka ta'e(jaarsa, jaartii,ijoollee)ilaallachuu barbaaachisa,"jechuun addeessa. .

Akka yaada olitti ibsame kanarraa hubatamutti,dubbii dubbachuu yookiin haasawa tokko haasahuun dura maal akka haasofnu,eessatti akka haasfnuufi eenyu biratti akka haasofnu adda baafachuu qabna. Kanas kan goonu waan namni nu ajajeef osoo hintaane, safuu uumaan dhala namaaf ganama kenne waan ta'eefidha.waan ijoollee biratti haasa'amu maanguddoo biratti hindubbatamu. Waan maanguddoonni haasa'an hunda ijoolleen dhagahuu hinqabdu.Sababni isaa warri maanguddootaa ijoollee akka waan iccitii hinqabanneetti ilaaluu isaaniifi yeruma dubbatan umuriin sadarkaa walgiturra waan hinjirreef akka qaaneffatamdha.

Asafaa (2009:32) akka ibsuutti,

> *Hawaasniifi naannoon inni keessa jiraatu amala adda addaa nami qabu___hariiroo(relations) isaa kan dhalaafi dhiiraa,jaarsaafi ijoollee, namaafi uumaa,namaafi uumamaa ilaalchisee akki itti buluufi waliin bulu,jiraatu akka qaba. Hariiroon kun ykn akka(just) ykn akka-maleedha(unjust).Waan hariiroo matayaa(ofii ofii/self),kan namooa gidduullee(interpersonal relations):hariiroo dhirsaafi niitii,abbaafi ilma ykn haadhaafi intala,hariiroo ijoollee gidduu, warraafi maatii, haadhaafi amaatii,niitiifi sayyuu, masaanuu(niitii lameen)kkf.fi hariiroo kan walii-galaa(collective relations) marti ogummaan ibsama.*

Akka yaada kanarraa hubaamutti, safuun hariiroo namoota maatii ta'aniiillee ni murteessa.Kunis,walitti dhufeenya namootaafi miseensa maatii isa kamtu sirrii akka ta'eefi isa

kamtu sirrii akka hintaane akka adda baafnee hubannuuf nugargaara.Safuun akkaataa itti uummanni wal kabaju,wal danda'uufi waliin jiraatudha. Akkasumas, umuriifi saalaan garaagarummaa safuu guddaatu jiraachuu, kunis, waan hiriyyoonni lamaan waliin haasa'an namaumuriin namaa olii yookaan umuriin gara ijoollee ta'anitti hariiroo miseensota maatiifi firoota gidduutti akaataa nama hinqaanessineen haasa'uu akka qabnu nuhubachiisa.

Haata'u malee,hawaasni Oromoo hanguma baay'achaa, bal'ina lafaan addaan fagaataa adeemeen garaagarummaan mul'achuu nidanda'a. Kanaafuu, jechoonni safuu kan lagatamaniif sababa safeeffatamaniif waan ta'eef dhalli namaa adda addummaa jiru beekuun waliin jiraachuu qaba. Qorannoo jechoota safuu kana irratti adeemsisuun immoo iddoo qorannoon irratti adeemsifame jechoonni safuu maal akka fakkaatan ifatti baasuudha waan ta'eef,qaama itti fayyadamu kamiifuu hubannoo uumuudha. Qorannoon Kunis Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf qabu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat Uumama Xiinxaluu xiyyeeffata.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat Dubartootaaf qabu jedhu kan gaggeessuuf kan qorataa kakaase: uummanni Oromoo dhimmoota jiruufi jireenya isaa keessatti guyya guyyaan raawwatuu namas ta'e, uumama lafa kanarra jiraatan maraaf Safuufi kabaja kenna. Haata'u malee,ilaalchi hawaasa keessatti safuu dubartootaaf qaban gadi aanaa ta'ee waan natti mul'ateef.

Dhimmiraawwatu kamiiyyuu akkafeeteen hinraawwatu.Sodaafi kabajaa uumaa qaba.Bakka manguddoon jirutti mangudoo dura hindeeman, ilmi abbaaf, intalli haadhaaf, Safuudha jedha. Yeroo eebbisus ta'e yoo uumaa isaa kadhatu akka feeteen osoo hintaane duudhaafi Safuu eegee kanraawatuudha.Jechootni safuu jechoota hawaasni jiruufi jireenya isaa keessattisafeeffataajiraatudha.Jechoonni safuu kun haala hawaasa tokkoo qajeelchuu,seerabulmaataaagarsiisuu,kabajaafijaalalaagarsiisuugamanyaataan,dhugaatiin,uffannaan jiru haalaanmul'isuuf gahee isaan qaban olaanaadha. Namoonni yeroo waliin jiraatan, kanas akkaataan isaa itti jechoota safuu ilaalan garaagarummaa qabaachuu mala. Kana jechuun,garee hawaasaa tokko keessatti kan nama tokkoon safeeffamu nama biraan ammoo akka safuutti hin ilaalamu. Akkaataan dhiironni dubartootaaf of eeggannoon jechoota kabaja ofkeessaa qabaniin ibsan hanga kan dhiirotaa hinga'u.

waan naannoo tokkotti safuu hinfakkaanne, bakka biraatti immoo safuu guddaa qaba.Yoo safuu hawaasa sanaa cabsine ykn irra darbine jibbamuu, tuffatamuu ykn abaaramuu malla. Kanaaf bakka jiraannu,bakka dhaqnuufi bakka oollee bullu maratti safuu hawaasa naannoo sanaa baruufi eeggachuu qabna jechuun ibsa.Keessumaa yeroo ammaa namoonni sababa adda addaaf safuuf iddoo baay'inaan hin laatani. Kanaaf, qorannoo kana gaggeessuun garaagarummaa haala itti fayyadama jechoota safuu gidduu jiru hanga ta'e dhiphisuu,akkasumas,qorannoon mata duree xiinxala ergaa jechoota safuu dubartootaa jedhu aanaa Gindabarat irratti gaggeeffame natti hin mul'anne.

Walumaagalatti, safuu uummanni Oromoo dubartootaaf qaburratti qorannoo bal'aan kan hingaggeeffamneefi sababa garagaraan dhiibbaan irra gahaa kan tureefi gahaa kan jiru ta'ee, dhiibbaawwan ilaalchaan walqabatan aadaa miidhagaa kana dadhabsiisuu irra darbanii dhabamsiisutti deemaa jiru. Qorataan kunis dhimmuma kana bu'uura godhachuun ergaa jechoota safuu Oromoon Dubartootaaf qabu irratti qorannoo kana gegeesse.

### 1.2.1. Gaaffilee Qorannichaaa

1. Jechootni waa'ee safuu dubartootaa ibsan maal maal fa'a?
2. Jechoonni safuu dubatootaa hawaasa keessatti ergaa akkam akkamii qabu?
3.Faayidaan jechoota safuu dubartootaa maalidha?
4.Naannoo qorannichi itti gaggeeffametti jechoonni safuu dubartootaa haala kamirra jiru?

## 1.3.Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kayyoo gooroofi gooreetii qoqqodamee akka armaan gadiiti dhiyaate jira.

### 1.3.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf qabu funaananii xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

1. Jechootni safuu dubartootaa isaan kamfa'aa akka ta'an adda baasuun mul'isuu.
2.Ergaa jechoonni safuu dubartootaa qaban xiinxluun ibsuu.
3.Faayidaa jechootni safuu dubartootaa qaban jireenya hawaasichaan walqabsiisuun addeessuu.
4.Jechoonni safuu dubartootaa yeroo si'anaa maal akka fakkaatan adda baasuu.

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannoo

Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Uummatni Oroomoo dubartootaaf qabu jedhu kun faayidaa armaan gadii qaba:Safuufi kabajni uummata Oromoo durii jalqabee dhimma itti bahaa ture kana dhaloonni ammaa kun beekuun akka dhimma itti bahu yoo tasiifame, dhaloonni egerees duudhaa abaabileefi akaakilee isaa irraa darbaa dhufe eeguun guddisuun dhimma kan itti bahu yoo ta'e; naamusaafi ofitti amanamummaa akka gonfatuuf faayidaa olaanaa qaba. Beekumsaafi qaroominni uummanni Oromoo baroota dheeraaf dhimma itti bahaa ture kun guddina, dagaagina hawaasaafi biyyaatiif faayidaa olaanaa gumaachuu danda'a. Namoota jechoota Safuu dubartootaa irratti qorannoo bal'aa gaggeessaniif akka madda ragaafi ka'umsaatti tajaajiluu danda'a.

### 1.5. Daangaa Qoranichaa

Xiinxalli mata duree Ergaa Safuu Uummata Oromoo jedhu Kun baay'ee bal'aadha. Ergaa jechoota Safuu Ummata Oromoo Oromiyaa keessatti beekkaman mara isaanii waraqaa qorannoo kana keessatti xiinxalanii dhiyeessuun baay'ee ulfaataadha.Sababni isaas,safuun uummata Oromoo biratti beekkaman hedduufi lafti uummanni Oromoo irra jiraatu baay'ee bal'aa waan ta'eef, Ergaa jechoota Safuu ta'an hunda isaanii xiinxaluuf yeroofi maallaqa hedduu gaafata waan ta'eef, qorannoon kun: Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Uummata Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat dubartootaaf qabu irratti kan xiyyeeffatedha.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu sadarkaalee adda addaa keessa darbuun kan raawwatu ta'a. Qorannoon kunis yemmuu adeemsifamu rakkooleen garagaraa isa mudachuu danda'eera.Hanqinoota qorataa mudatan keessaa tokko hanqina maallaqaati.Hojii tokko hojjechuuf qarshiin jiraachuun isaa dirqama. Rakkina uumame kana furuuf qarshii jiru irraa hamma danda'ame qusannaan fayyadamuun qorannoon kun gaggeeffame. Rakkinni biroo ammoo lappitooppii ittiin barreessan dhabuu.Sababa kanaanis alatti barreessuun yeroo gulaalliifi rakkoon ibsaa akkasumas namni Afaan Oromootiin barreeessu baay'ee argamuu dhabuu fa'a.Kana qofas miti; yoo jiraatanillee qubeesssuurratti sirreessanii barreessuu waan hin dandeenyeef qorataan qorannoo kanaa haalawwwan mul'atan kana hunda akkaataa danda'ameen mijeesseera. Kanamalees, odeef kennitootni guyyaafi yeroo jedhanitti argamuu dhabuun irra deebi'uun beellama yeroo birootti dabarsuun kan qorataa mudatedha.

Kanas obsa horachuun irra deebi’ee dubbisuun danda’ameera.Kan biroo ammoo namoonni tokko tokko sababa amantiitiin duubatti of qabuun osoo dhimmicha beekanii eeyyamamoo ta’uu dhiisu isaaniiti. Namoota akkasii kanas suuta jechuun amansiisuun qorannoon kun fiixaan baheera. Dabalataanis muuxannoo qorataan qabuufi sakatta’a barruu fa’a dhabuun rakkoolee qorataa akka odeeffannoon gahaa hinarganneefi qindeessuun barreeffamatti akka hinjijjiirre rakkoolee danqaa ta’an kana dandamachuun qorannoon kun gaggeeffame.

## 1.7. Qindoomina Qorannichaa

Qorannoon kun boqonnaalee adda addaa ofkeessaa qaba.Boqonnaa tokkoffaan, seenduubee, ka'umsa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, qindoomina qorannichaa,ibsa naannoo qorannichaa of keessatti hammata.Boqannaa lammaffaan immoo, sakatta'a barruu qabata. Boqonnaa sadaffaa keessatti madda ragaa qorannichaa, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaafi mala qaaccessa ragaalee, boqonnaa afur qaaccessa ragaalee, boqonnaa shan argannoofi yabootu walduraa duubaan dhiyaate.


## 1.8. Ibsa Naannoo Qorannichaa

Anaan Gindabarat godina Shawaa Lixaa keessaa isa tokkodha.Magaalaa godinaa Ambo irraa km 138, magaalaa Finfinnee irraa kallattii lixaatti fageenya km 180 irratti argamti. Aanaan kun gandoolee baadiyyaa 31 fi bulchiinsa magaalaa 2 qabdi. Walitti gandoota 33 tu aanicha keessatti argama.Aanaa kana keessa Oromoon ala sabaaf sablammoonni biroo jiran dhibbeentaa baay’ee muraasadha.Amantaanis yoo fudhanne piroteestaantii, waaqeffataafi ortodoksiin walduraa duubaan warren hordoftoota baay’ee qabanidha.

Aadaa: Aadaa nyaataa keessaa Caccabsaa, cuukkoo, marqaa, qorii, qorsoddomee, qincee, daabboo, maxinoo, caabitaa, kashii, biddeenifi kkf dha. Dhugaatiin Aadaa booka/ daadhii, bordee, farsoo Oromoo, bulbula dammaa fa’a.Uffata Aadaa kanneen akka bullukkoo, kofoo, kittaa, waaroo, kallee, wandaboo, sabbata, qoloo, gaabii, balasee, marxoo fa’adha. Meeshaalee Aadaa ulfoo bebbeekamoon caaccuu, kallacha, callee, siiqqee, alangaa, eeboo, geeba yookaan waancaa yoo ta’an, duudhaafi sirnoonni adda addaa guddifachaa, gumaa, ateetee, gannii, jaarsummaa, sirna Gadaa, ayyaana masqalaa, sirba taaboree, ingiccaa, sirna da’umsaati.Aadaa warroomaa kadhannaa, aseennaa, butii, waliin deemuu fa’adha.

Hidda Dhalootaa: Uummanni aanaa Gindabarat keessa jiraatu gosa Maccaa yoo ta'an sababa dhiibbaa nafxanyootaan kan ka'e gosti Oromoo Tuulamaas Shaggar, Meettaafi Salaale irraa buqqa'anii yeroo ammaa kana walmakanii jiraatu. Gosa Maccaa duraan naannoo sana qubatan keessaa ammoo ilmaan Kuttyee Liiban Macca, Burra, Maliyyuu Ituu, Hidhabuu, Daadaafi Habeebedha.Akka ragaa odeeffannoo maanguddoo aanaa Gindabaratiitti ilmaannan Maccaa toorbanuu aanaa gindabarat keessa faca'anii kan jiran yoo ta'u, tokkoon tokkoon isaanii yeroo ammaa gosoota jedhamanii kan beekaman kanneen armaan gadii of jalaa qaba. Macci Kuttaayee ilmaan ja'a: Igguu, Leelee, Faafam, Dagalii fi Jamoo godhate. Burri ilmaan Gudufee, Garbiyaallee, Dagaafi Adansa kanneen jedhaman hore. Maliyyuun Badii, Leeqaa, Maaruu, Garbichoo ilmaan jedhaman of jalaa qaba. Ituun eegoo Maliyyuu ta'ee Warra Hoodaa, Warra Baarkoo, Warra Hirphee Waaqayyoo hore. Hidhabuun Buukko, Aannoo, Dagaa, Horanna, ilmaan jedhaman godhate. Daadaan Munyoo, Tuguu, Abbadee, Sankooriifi Haaruu yoo qabaatu, ilmaan Habeebee ammoo Erer, Buukko, Alii fi Kuraadha.

Caasaan armaan gadii hidda dhaloota uummata aanaa Gindabarat akkaataa ifaa ta'een waan agarsiisuuf caalmaatti hubachuuf gargaara.



Ammayya Waliso Kuttaayee

**Kuttaayee**

| **Macca** | **Burra** | **Maliyyuu** | **Ituu** | **Hidhabuu** | **Daada** | **Habeebe** |
|---|---|---|---|---|---|---|
| Igguu | Gudufee | Badii | Warra hoodaa | Buukkoo | Muunyoo | Erer |
| Leelee | Garbiyaallee | Leeqaa | Warra | Aannoo | Tuguu | Buukkoo |
| Faafam | Dagaa | Maaruu | Baarkoo | Daga | Abbadee | Alii |
| Dagaali | Adansa | Garbichoo | Warra shaboo | | Horrana | ankoorii |
| | | Chugoo | Warra | | Haaruu | Kuraa |
| | | | hirphee | | | |
| | | | Waaqayyoo | | | |

**Caasaa 1: hidda dhaloota uummata aanaa Gindabarat**

**Madda:** Caatoo hidda dhaloota Oromoo aanaa Gindabarat kitaaba seenaa Oromoo hanga jaarraa 16ffaa fi Waajjira Adaaf Turizimii Aanaa Gindabarat akkasumas maanguddoota aanichaa.

Akka caatoo armaan olii irraa mul'atutti Kuttaayeen ilmaan torba qaba.Isaan keessaa Daadaaafi Habeebeen alatti warri kaan haadha Galaanee jedhamtu irraa dhalatan.Kanarraa ka'uun maqaa shanan Galaan jedhamuun waamamu. Akka haala qabatamaa hawaasa naannoo sanaattis akka hangafaatti waan ilaalamaniif eebbi dura kan isaaniiti. Kitaabni seenaa sirna Gadaa Maccaa (2015:47)''Kuttaayeen haadha manaasaa Galaanee jedhamturraa ilmaan shan, Macca, Burra, Maliyyuu, Ituufi Hidhabuu; ilmaan lamaan Daadaafi Abeebeen immoo haadha Buluudoo jedhamturraa horee abbaa qabiyyee ta'ee hafe'' jedha.Yaada kanaafi kan armaan duraarraas kan hubatamu shanan Galaan jedhamee kan beekamu ilmaan toorban kuttaayee keessaa kan Galaaneen deesse shan, ilmaan lamaan immoo dubartii biraarraa kan argate ta'uudha.Akkaataa hidda latiinsa armaan oliin hawaasa yeroo ammaa aanicha qubatanii argaman yoo ilaalle maqaan lafaa baay'een isaa akkuma seenaa Oromoo iddoolee biroo kan maqaa gosaatiin waamamaa

jirutu jira. Akka fakkeenyaatti maqaan lafaafi gandoolee akka Erer, Sankoorii, Shaboo, Buukko, kuraa fa'a maqaa qomoowwan ilmaan Kuttaayeeti.

Kanumaan kan walqabate waa'een seenaa uummata aanichaafi akkaataan moggaasa maqaa'Gindabarat'jedhu akkamiin akka dhufe maanguddoon yoo ibsan sirna dhufaatii nafxanyaa waliin walqabsiisu.

> *Akka ragaan maanguddoota aanichaafi waajjira aadaaf turizimmiirraa agame ibsutti seenaaa Gindabarat moggaafama maqaa isaa irraa kaasuun yaada walitti dhiyeenya qabu arganna. Dur lafti har'a Gindabarat jedhamee waamamu kun iddoo qubata ilmaan Kuttaayee Liiban turte.Maqaan ardaalee akkaataadhuma qubata gosootaatiin waamamaa ture. Yeroo Minilik Oromiyaa weerare akkuma uumaata Oromoo iddoo biroo uummanni aanichaa weerara kana ofirraa ittisuuf ciminaan sirna nafxanyaa dura dhaabbatee diina ofirraa faccise. Booda mormiin itti cimannaan loltoonni Minilik ''Minnaw saw indabirat''jedhan jedhama. Kanumarraa ka'uun maqaan Gindabarat jedhu mogga'e jedhu. Yaanni biroo ammoo sirnuma kanaan kan walqabatu ta'ee aanaan Gindabarat jedhamu kun akkaataa teessuma lafa isaa irraa ka'uun kan moggaafame ta'uusaa eeru. Kunis jecha'gindi' fi 'barat' jedhaman irraa kan dhufe ta'ee lafti kun uumamaan naanna'ee dalleeffamuun ulaa tokko qabaachuun hiikama. Kanarraa ka'uunis maqaa Gindabarat jedhamuun moggaafame jedhu.*

Haa ta'u malee uummanni yeroo ammaa kana sababa ofbareefi dhiibbaanis irraa hir'ateen maqaan kun nu ibsuu hin danda'u waan ta'eef akka nuu jijjiiramu jechuun walga'ii garagaraa argatan irratti yaada kaasaa jiru. Yaadonni baay'een Kuttaayee Liiban jedhamuu qabnaadha.

Akka lakkoofsa manaafi uummataa (2007 A.L.A) gaggeeffameen baay'inni uummata aanaa kanaa 110578 yoo ta'u kana keessaa dhiirri 53829 fi dhalaan 56749tti tilmaamama. Bal'inniifi teessumni lafaa aanaa Gindabarat lafa baddaa 60% , badda daree20%, gammoojjiin 20% yoo ta'u, haala qilleensaan 10c-30cta'a.

Diinagdeen harki caalaan qonnarratti kan hundaa'edha. Akka odeefffannoon barruu aanaa Gindabarat (2006:4) ibsutti haala qabatamaa aanichaa irraa hubatamuun uummanni aanichaa 85% kan ta'u hojii qonnaatiin bula. Kanneen hafan 13% daldaalaa, 2% ammoo hojjetaa

mootummaafi ogummaalee garagaraa kanneen akka hojii mukaa, sibiilaa, wayyaa dhahuufi hodhuu fa’adha.  Hojii qonnaa yeroo jedhamu lafa qotuufi horii horsiisadha.Horsiisni horii loon, bushaayee, kotte duudaafi kkf fa’a.Oomishaaleen midhaan nyaataa kanneen akka xaafii, qamadii, garbuu, bishingaa, boqqoolloo, nuugii, talbaa, saalixaa isaan beekamoodha.

Qabeenya uumamaatiin lageewwan gurguddoo akka Abbayyaa, Xaraanxar yoo ta’an lageewwan xixiqqoofi haroowwan hedduu qabdi.Bosonni gurguddoon akka aanaa kanaatti beekaman Huursaa, bosona Gaara Garbuu, gaara Gatamaa, bosona ulaa Somboo yoo ta’an biqiltuun uumamaa biyya keessaa gosoota adda addaa ni argamu.Bineensonni gosa adda addaa kanneen akka borofaa, leenca, karkarroo, booyyee,bosonuu, kuruphee, qeerransa, deeroo qeerransaa, jaldeessa, waraabessa, weennii, fi kkf ni argamu.

Akkasumas aanaan kun albuuda gosa adda addaatiin badhaatuu ta’uun ishee qorannoowwan yeroo adda addaa taasifaman irraa hubachuun danda’ameera. Albuudaalee qorannoo adda addaa taasifameen Haaluma kanaan albuudaalee kannee akka: sookoo (gold), dhagaa gurraacha, dhagaa cirrachaa(sandstone), cirracha(sand), biyyee diimaa (redsoil),fi k.k.f dha. Gama dhaabbilee tajaajila hawaasaan dhaabbilee fayyaa hoospitaala tokko, buufata fayyaa shaniifi keellaa fayyaa soddomii tokko, tajaajila keennaa kan jiran yoo ta’u; dukkaana qorichaa shan fi mana qoricha baadiyaalama aanicha keessatti tajaajila kennaa jiru. Dhaabbilee Barnootaa oolmaa daa’immanii afur, sadarkaa tokko (1-4) sadi, sadarkaa tokko (5-8) afurtamii lama, sadarkaa lammataa ja’a, qophaa’ina tokkofi dhaabbata teekinikaaf ogummaa tokko qabdi.

Bakkeewwan hawwata turizimiifi iddoolee seenaa qabeeyyii ta’an gabatee armaan gadii keessatti kaawamanii mul’atu.

**Gabatee 1: bakkeewwan hawwata turizimii aanaa Gindabarat**

| T.L | Bakkeewwan hawwata turimii | Bakka /Ganda |
|---|---|---|
| 1 | Holqa Goda Moorree hoqa xiqqaa daawwatamu | Qarre Doobbii |
| 2 | Tulluu Leemat tulluu irra dhaabbtanii waaqa kadhatan | Bidaaruu Goobataa |
| 3 | Bishaan Ho'aa Saqayadii bishaan akkuma maqaa isaa ho'aa ta'e | Saqa Yadii |
| 4 | Laaftoo Seenaa iddoo seenaqabeessa laaftoon miidhagina qabu itti argamu | Mudhii Ulaa Baroo |
| 5 | Goodaa Qunnii bakka yeroo ayyaanaa itti farad gulufsiisan | Ulaa Abbaa Daadhii |
| 6 | Tulluu Hunqullee tulluu miidhagina qabu | Cirracha Gaatoo |

**Gabatee 2: iddoo ardaalee jilaa aanaa Gindabarat**

| T.L | Bakkeewwan araddaa jilaa | Bakka /Ganda |
|---|---|---|
| 1 | Ardaa Jilaa Goodaa Qunnii | Ulaa Abbaa Daadhii |
| 2 | Ardaa Jilaa Waashoo | Bakkee Bal'aa |
| 3 | Ardaa Jilaa Burqaa Koshorree | Laga Maccaa |
| 4 | Bagaalloo | Bagaalloo |

Aanaan Gindabarat Bahaan aanaa Abuunaa Gindabarat, Lixaan godina Horroo Guduruu Wallaggaa, Kaabaan bulchiinsa mootummaa naannoo Amaaraafi laga Abbayyaa, Kibbaan aanaalee godina Shawaa Lixaa kanneen akka Amboo, Miidaaqanyi, Jalduufi laga Xaraanxariin daangeffama.




**Suuraa 1: kaartaa aanaa Gindabarat**

Maddi  Waajira Aadaafi Turizimii Aanaa

Maqaa gandoolee aanaa Gindabarat bakka itti argama isaanii waliin akka armaan gadii ta'u.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1.Qarree Sankoorii | 11. Xaaphisaa Sankoorii | 21.Bakkee Fayyinaa | 31.Laga Maccaa |
| 2.Qarre Doobbii | 12.meexxii Innaaphisee | 22. Muka Diimaa | 32.Gooroo Abbaa Sabbat |
| 3.Cirracha Gaatoo | 13.Caandoo Jibaat | 23.QarreeSoolee | 33.Culluxxe |
| 4.Bidaaruu Goobataa | 14. Saqa Borqii | 24. Gooroo Mana Ergaa | |
| 5.Irreessaa Koonoo | 15.Bakkee Bal'aa | 25. Daamota | |
| 6.Xaaphisa Madaallee | 16. Gammadaa | 26. Kaachisii | |
| 7.Kaloo Badhaasaa | 17. Harbuu Gubbaa | 27. Mudhii Ulaa Baroo | |
| 8.Coomee Mana Ergaa | 18. Dirree Faajjii | 28. Bashee | |
| 9.Ulaa Abbaa Daadhii | 19. Bagaalloo | 29. Saqa Yadii | |
| 10.Winee Roggee | 20. Haroo Beerbaaboo | 30. Qilxuu Sanbata | |

# BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Barsiifata

Barsiifatni Hawaasaa (Social Folk Custom) akkaakuuwwan fookiloorii keessaa isa tokko yoo ta'u, amaleeffannaa ykn gocha baramaa hawaasni yeroo adda addaatti jila wal fakkaataa ta'e irratti haala wal fakkaataan raawwatu kan agarsiisu yoo ta'u, duudhaa, dalagaa, safuu fik.k.f kan ittiin dabarfataniidha. Duudhaan dhalootaa dhalootatti darbaa kan dhufe, firiiwwan addaddaa bara wajjin jijjiirama kan agarsiisan kanneen immoo ittifufiinsa kan qaban ta'uusaa hubachuun nidada‟ama.Barsiifanni yookiin duudhaan Hawaasaa akkuma firiiwwan gurguddoo fookloorii kanneenii akaakuuwwan addaddaa ofkeessatti hammata. Thomson (1989), "...folklore is that of tradition some thing handed down from one person to another and preserved either by memory or practice rather than written record." Jedha. Fooklooriin barsiifata wanta nama tokkorraa gara nama biraatti daddarbaa dhuffedha. Innis barreeffaman osoo hin taane yaadachuun ykn shaakaluun ta'uu isaati. Barsiifanni hawaasummaa walitti dhufeenya garee hawaasa tokkoo, hirmaattota sirna da'umsaa, cidhaa, awwaalchaa, safuu, jiloota amantaafi alamantaa kan hammatudha.

Akka yaada kana irraa hubatamutti,walitti dhufeenya garee hawaasaa yoo jedhamu, hawaasni haala jiruufi jireenya isaa guyyaa guyyaa waan hedduu dalaga. Wanti inni dalagu kun immoo aadaafi eenyummaa isaa illee calaqqisiisa. Kana keessatti aadaan raawwii sirna adda addaa yeroo raawwatu kanas bartee da'umsa irratti raawwatu niqaba.Kana malees, cidha raawwachuu keessatti aadaa safuudhaan guuteen adeemsisa. Akkasumas, sirna awwaalchaajalqabaa hanga awwaalchi raawwatutti akkaataa itti gaggeeffamuufi jiloonni mantaa adda addaa safuun kan guutamedha.

Faqqadee (2003:10-15) Barsiifata yoo ibsiu, "akaakuu barsiifata hawaasummaa jalatti kanneen qoodamu danda'an wantoota afuridha: Isaanis; kabaja ayyanota addaddaa,tophoota, dirree bashannaana, qoricha aadaa fi amantii duudhaa namoonni gareen hirmatanidha."jedha. Isaan kanneenis, wantoota hawaasni haala jiruu fi jireenya isaa keessatti barachaa deemuuu ta'uu agarsiisa.Xiyyeeffannaan isaa ogummaafi dandeettii dalagaa garee irrattidha. Kana yoojedhamu dandeettiin nama dhuunfaa gahee hinqabuu osoo hintaane, akka barsiifata aadaatti kan ilaallamu waan gareen tokko dhaabbataan waliin hirmaatudha. Gochaaleen hawaasa barsiifata aadaa jennuun kanneen akka gareewwan kabaja sirna adda addaa, fuudhaafi heerumaa,

du’aaf,jilawwan,kabaja ayyaanotaa, ayyaanota amantii baay’een isaanii waan gareen raawwataman ta’uu isaati. Yaaduma kana Misgaanuun (2011:18) irratti yoo ibsu, “dhimmoota duudhaafi amantii waliin kan wal qabatan ta’anii duudhaa kana jalatti dhimmoonni gurguddoo jiran feestivaalaafi kabaja ayyaanaa, taphaafi bashannana, amantaa aadaa waan safuu,hooda, laguufi tapha aadaati “jechuun qoqqoodee kaa’a.

Yaanni kun duudhaan saba Oromoo bal’aa yoota’u,wantoota gurguddoo kan akka kabaja ayyaanotaa amantaa safuu, hoodaafi laguu ofkeessatti hammata. Ayyaanotni mataan isaanii yeroofi dhimmoota adda addaa waliin walqabsiisuun kabajama. Adeemsa kana keessatti safuutti haalaan dhimma ba’u. safuun kunis haala ittiin beekamuufi kabajamu niqaba. Yeroo kanas waan akka aadaatti lagatamuufi safeeffatamu akka jirutu hubatama.

### 2.1.1. Safuu

Oromoon walkabajuuf, ayyaana walii kabajuuf marga kutee waliif kenna. Maanguddoos nisimata, Laga yommuu ce’u, qe’ee warra ayyaantuutti yommuu dhufu, yemmuu fuudhaafi heeruma mallattoo safuu kan ta’e marga yookaan coqorsa kutee irreenfachuun yookaan namatti kennuun safuu ibsa. Yaaduma kana Hayiluu (1997:4) yeroo ibsu “Sabni tokko saboota biraa irraa kan inni ittiin adda ba’u daangaa yookaan biyya keessa jiraatu qabaachuu, seenaa, aadaa, hooda, safuu qofaatti ittiin beekamu qabachuu isaati,”jedha.

Uummanni tokko daangaa keessa jiraatu keessatti waan addatti ittiin beekamu seenaa, aadaa,hoodaafi safuu adda isa taasisu kan mataa isaa qofatti niqaba. Aadaa yoofudhanne, aadaa nyaataa, aadaa uffannaa aadaa sirnawwan adda addaa ittiin gaggeeffatu uummata Oromoo uummata biraa irraa adda isa godha. Akkasumas, safuu hawaasni kun uumaaf kennu, akkaataan uumamaaf itti kabaja laatuufi safuu namaa kabaju garaagarummaa guddaa qabaachuu irraan kan ka’e,addatti akka beekamu isa taasisa.Dassitaa (2015:15) safuu yoo ibsu:

> *Safuu is at the heart of everyday lives of the Oromo. They speak of Safuu when they eat and drink, when they attend a wedding, when they celebrate any kind of ritual, when they praise their Waaqa (God), during farming and harvest, during war and peace… Their socio*-political system, namely Gadaa system, has at its heart the

*principles of Safuu. The laws of the Gadaa system are derived from the basic principles of Safuu.*

Akka yaada kanaatti, safuun bu'uura raawwii hojii Oromoon guyyaa guyyaan raawwatu wajjin kan walqabatudha. Hawaasni Oromoo yeroo nyaatuufi yeroo dhugu, cidha gaggeeffatu, yeroo sirna adda addaa kabaju, waaqa kadhachuuf, yeroo qotuufi haamu, yeroo waanaafi nagaa…bu'uurri siyaasaafi hawaasummaa jechuunis, Sirni Gadaa keessoon isaa safuu kan bu'uureffatedha.Sirni Gadaa illee bu'uurri isaa safuu irratti kan hundeeffamedha. Safuun jiruufi jireenya hawaasa Oromoo kan guyyaa guyyaa wajjin walqabata. Leellisaa (6413:240) safuu yoo ibsu, "Sabni Oromoo fi Saboonni Afrikaa aadaafi amantiin isaa wal keessa jira.Safuun aadaas amantii isaa keessa jira.Waan godhu hundumaas safuudhaan godha.Aadaan isaa aadaa amantiiti."jechuun lafa kaa'a. Fayyisaa(2016:32)safuu yoo ibsu,"Uummanni aadaafi afaan waliin qabu akkuma aadaa isaatti safuu mataa isaa danda'e qaba. Safuun kun immoo kan namni hawaasa ana irraa dhalata waan hawaasni sun jaalatu dalaguufi waan hawaasni sun safeeffatan immoo dhiisudha."jedha.

Safuun aadaafi amantii wajjin akka walqabatutu hubatama. Kunis kan ta'eef,namni waanuma amanu safeeffata. Waanuma amanu aadeffata. Yeroo immoo waan safeeffatu sana sodaachuufi safeeffachuun iddoo guddaa kennaaf. Akkuma kana Uummanni Oromoos aadaa,safuufi amantaa mataa isaa hordofa. Kanas kan inni raawwatu kennaa uumaan ganama isaaf kennedha malee ajaja namaan akka hintaane namatti mul'isa. Barroo Amantaa Waaqeffannaa(2011:43) "safuun seera uumaafi uumama irratti hundaa'ee jireenya uummata jidduujiruufi uummama jidduu jiru ittiin tiksudha. Seerri uumaa akka hindabne kan eegudha. Jiruuf jireenyi akka nagaan itti fufu kan godhuudha."Jedha.

Yaanni kunis kan ibsu, seera uumaan uumamaaf kenne ta'ee kan uummatni uummata wajjin ittiin walkabajee nagaan jiraatudha. Uummanni uumama biroofillee safuu niqaba. Waliin jireenyaafi gochoota guyyaa guyyaan raawwatan keessatti inni tokko nagaafi mirga isa kaanii eegee akka jiraatu; Nagaan kunis kan itti fufee jiraatu ta'uu isaati. Osoo safuun kun hinjiraannee walkabajanii nagaan waliin jiraachuun baay'e rakkisaa akka ta'etu hubatama.

Dassaalany (2016:9) akka addeessetti, "Lagannaan sirna waan hamaafi yaraarraa of eeguun waan gaariifi qulqulluun mul'achuuti.Kunis akka fedhii namaatti osoo hin taane fedhiifi seera

waaqayyoo eeganii qulqullinaan mul’achuudha,”jedha. Akka yaada kanaatti, namni jechoota garaagaraa, wantoota lubbuu qabeeyyiifi dhabeeyyii waan nyaatamu, dhugamu dubbatamu, hojjetamuufi kkf kan lagatu namaaf jedhee osoo hin fedhiifi seera waaqayyoo galmaan ga’uuf. Akkasumas, waan badaa irra fagaatee seera uumaafi uumamaa eegee kabajee jiraachuufi. Jechoonni sababa safeeffatamaniif lagatamu. Lagannaa kana keessattis akkaataa itti uummanni waldanda’ee,walkabajuun hanga danda’ametti bakka waliif kennee waliin jiraatu safuu jedhama.Safuun seera waaqaafi lafaa ta’uunsaa beekamadha. Kanaafuu, yeroo jechoota safuutti fayyadamnu addaaaddummaa jiru beekuun waliin jirachuun barbachisaadha.

Dirribii (2016:56) akka ibsutti,“Oromoo nama seera uumamaa dagatee jechoota laguutti kallattiin itti fayyadamu safuu jedhee komata yookiin qeeqa. Rakkoo hiika hin qabneef safuu jechuun waaqni hiika akka laatuuf hawwa.Safuu jechuu wayya kan kana godheef waaqatu beeka,jedha,Oromoon yeroof waan akka rakkootti ilaalamu tokkoof safuu jedha.”Kanaafuu,jechoota laguutti fayyadamuun waan humna namaa ol ta’ee nama rakkisu tokkoof “safuu” jechuun akka waaqayyo nama gargaaru gochuun nidanda’ama. Waan karaa irraa maqe tokko akkamitti akkas ta’e jechuuf safuu jedha.Hawaasni waan kabajuufis safuu nikennaaf.

Birhaanuu (2013:81) akka ibsetti, “laguun kun immoo, jecha /gocha/mallattoo tokko tokkoon kan walqabate dubartiin ofii ishii akkaataa itti of safeeffachuu qabduufi hinqabne yookaan kan dhiiraan safeeffatamuu qabdu ilaallata.”jedha.

Akka yaada kanaatti, jechoota safuu dubartootaan walqabatu ilaalchisee akkaataa itti dubartoonni ofii isaaniif safuu qaban ibsaniifi walkabajan yookiin hin kabajne nijira. Walii isaanii gidduutti jechoonni safuu haala itti dubbatamuu qabu: ofumaa ofiin waan raawwachuu qabduufi hinqabne, waan hiriyyaa wajjin jedhamuufi hinjedhamne, waan sadarkaa umurii garagaraatti jedhamuufi hinjedhamne ilaacha dubartoonni ofumaa walii isaaniif qaban ofkeessatti hammata. Akkasumas, akkataa itti dhiironni dubartootaaf safuu kennanis kan biraati. Ilaalchi kun warri dhiirotaa ijoollee shamarraniif qabaniif haalli itti dubartoota maanguddoota ilaalan yookaan safeeffatan garagaradha. Sadarkaa umurii kamittis ta’e haalli dhiironni safuu dubartootaaf qaban ibsan safuu dubartoonni ofuma isaaniif qaban irraa addadha. Kanaafuu jechoonni safuu dubartoota ibsan qixa barbaachisuun ilaalamuu qabu.

### 2.1.2. Ergaa Jechoota Safuu

Jechoonni safuu ergaa mataa isaanii qabu. Ergaa jechoota kanneenii kan hubatu nasuu sana beekudha. yeroo namni tokka seera uumaa irraa maqu hawaasni Oromoo safuu jedha. Namni daandii irraa gore sunis xiyyeeffannoo itti kennuungara daanii isa sirrii ta'e sanatti deebi'uu niyaala. Battaluma waa'een jecha safuu maqaa dhahame sanatti rifatee yaada qalbiin hordofa. Kun immoo, ergaa humna qabeessata'e kallattii sirrii namatti agarsiisu ofkeessaa qaba.Yaaduma kana Biqilaa (2008:21) yoo ibsu,"Safuun akkaataa gocha namni hojjetu sirriifi sirrii ta'uu dhabuu kan hawaasni Oromoo ittiin madaaludha." jedha. Kana jechuun Safuun ilaalcha Oromoo keessatti seera ilmi namaa addunyaa tana madaala uumamaa eeguun tokko kan biroo osoo hinmiidhiin waliin jiraachuuti.

Jechoonni safuun dubartootaa faayidaa hedduu qaba. walkabajanii waliin jiraachuu waan ta'eef, nageenya nama dhuunfaa irraa kaasee amma nageenya biyyaatti eegsisuutti ga'een isaa salphaa miti. Akksumas, wanta gaariifi gadhee adda baasee waan mul'isuuf isa gaarii raawwachuun isa gadhee irraa ammoo akka goran kan taasisudha. Tilahuun (1989:511) "Safuun jechoota ajaa'ibsiisaa kanneen ta'an kan akka sodaa,dhukkubbii, rakkoo, salphinaafi kkf agarsiisa" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti safuun, Oromoon jechoota ciccimoo kan yaada namaa keessatti suura yookaan miira guddaa uumuu danda'udha. Miirri uumamu kunis miira sodaa, miira humna guddaan dandeettii dafanii waa gaariif yaraa adda baafachuufi irraa of qusachuu, daandii isa sirrii duukaa bu'uu nama keessatti uuma.

### 2.1.3. Gosoota Safuu

Oromoon akkuma rabbiin kabaju, uumama rabbis nikabaja. Wantoota kabaju kanneenis akkaataa garagaraafi haala addaaddaa keessatti ta'uu nimala. Haala itti kabajaman kana irratti hundaa'uun safuun gosa garagaraatti qoodamu.

Barroo Amantaa Waaqeffannaa (2011:45) gosoota safuu yoo ibsu:

*Waana fuggisoo ta'e hundaaf safuu jenna.*

*Uumama hundaaf safuu qabna.*

> *Safuun kan waaqaati.*
> *Waaqni safuu rooba*
> *Lafti safuu magarsiti*
> *Maddi safuu burqa*

*Waaqni uumaa tola*
*Safuu waaqaafi lafaa*
*Safuu dhiiraafi dubartii*
*Safuu firaafi alagaa*
*Safuu abbaafi haadhaa,*
*Safuu obboleessaafi obboleettii,*
*Safuu jaasraafi jaartii*
*Safuu hangafaafi quxisuu*
*Safuu midhaaniifi bishaanii*
*Safuu manaafi alaa*

Oromoon uumaafi uumama maraaf safuu qaba. Kana irraa kan ka'e waan ta'uu qabuun alatti wanti tokko yeroo raawwatamu safuu jedhu.waaqaaf safuu qaba. Wanti safuudhaan walqabatu kamuu kan mul'atu taanaan waaqaaf safuu jedha. Burqaan uummata oromoo biratti safuu qaba. Kana jechuun burqaa ilaalchisee namni kamuu burqaatti duuchuu,ittifincaa'uufi gochoota kanaan walqabatan raawwachuun safuu burqaa cabsuudha.Waaqayyo waan hunda waan siirriifi safuu waliin uume. Namni kan uumaadhaan isaaf kenname qaba. Kunis,safuuhangafaafi quxisuu:hangafni quxisuu quxisuunis hangafa kabajuu qaba. Firriifi halagaan walkabajee waliin jiraata.Dhiirriifi dubartiin kaba safuu waliif qabu.Walumaagalatti,safuu gadaafi siiqqeeeeguu, tiksuun walmadaalee akka waliin jiraatu tohachuufi ittiin buluun seera uumaafi uumamaa kabajuudha.Kunis, waan uumaan ganama uumamaafi safuu dhala namaaf kenne hedduu ta'uu isaati.

### 2.1.3.1. Safuu Namoota Gidduu

Safuun namoonni yeroo waliin jiraatan walitti dhufeenya isaan gidduutti ta'u kanaaf of eeggachuun haala ittiin walkabajanii waliin jiraatanidha.Yeroo kanas,abbaan, haati, ijoolleen,firriifi halagaan akkuma akka isaatti walkabajanii safuu waliif kennaa waliin jiraatu. Kunis maaltu akka hawaasa keessatti sirrii ta'eefi maaltu akka sirrii hintaan adda baasuun isa sirrii ta'e raawwachuufi isa sirrii hintaane irraa goruudhaanidha.

Asafaa Tafarraa (2009:32) akka ibsuutti,

> *Hawaasnii fi naannoon inni keessa jiraatu amala adda addaa nami qabu___hariiroo(relations) isaa kan dhalaafi dhiiraa,jaarsaafi ijoollee, namaafi uumaa,namaafi uumamaa ilaalchisee akki itti buluufi waliin bulu,jiraatu akka qaba. Hariiroon kun ykn akka(just) ykn akka-maleedha(unjust).Waan hariiroo matayaa(ofii ofii/self),kan namooa gidduullee(interpersonal relations):hariiroo dhirsaafi niitii,abbaafi ilma ykn haadhaafi intala,hariiroo ijoollee gidduu, warraafi maatii, haadhaafi amaatii,niitiifi sayyuu, masaanuu(niitii lameen)kkf.fi hariiroo kan walii-galaa(collective relations) marti ogummaan ibsama.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu,hawaasni walitti dhufeenya taasisu naannoo jiraatu keessatti akkataan walitti dhufeenya isaa marti ogummaadhaadhaan ta'uu qaba. Akkana hintaane taanaan walitti dhufeenya isaanii irraan dhiibbaa kan geessisuufi safuun kan cabu ta'uusaa nuhubachiisa. Dirribii(2012:64)"Safuun seera waaqaa lafaati.Safuun addaaddummaa jiru beekanii nagaan wajjin jiraachuudha."jechuun ibsa.Yaada kana irraa wanti hubatamu, safuun seera waaqayyo kennedha.Namni kamuu safuu kana beekee, walkabajee nagaan waliin jiraachuu qaba.Akkas jechuun namni hir'inaafi garaagarummaa jiruun walqeeqee waljeequu akka hinqabneefi sababa safuun gidduu isaanii jiruuf kabajaan iddoo waliif kennuun wajjin jiraachuu akka qabudha.

Isuma(2009:32-33) ibsetti,

> *Haala hariiroon sun itti ibsamu, jecha( maal jechuu mala,maal jechuu hinmalle), yeroofi bakka dubbii (discourse in context) kkf illee qalbifachuu feesisa.Isaan kana xiinxaluu shaakaluu shaakaluun hariiroo ilmaan namaa (human relations) ilaalchisee maaltu hawaasicha keessatti himama, maaltus hinhimamin caqasuun qofa baratama,maaltu safuudha maaltus safuu miti,maaltu hariiroo tumsa maaltu immoo hariiroo laaffisa isaan jedhaniif deebii ta'a ( acceptance or rejection of certain attitudes).*

Akka ibsa kanaatti,wanti hawaasa keessatti raawwatamu marti akkaafi akka maleedhaan ilaalama. Akka kan jedhamu,wanta hawaasa sana keessatti yoo dubbatan kan nama

hinqaanessine;kan safuu hincabsine yoo ta'u,Akka malee kan jedhaman jechoota kallattiidhaan dubbachuun isaanii nama qaanessu waan ta'aniif bira qabanii haasawuun kan bira darbamu ta'uu agarsiisa.

Biqilaa(2008:25) yoo ibsu,

> *Safuun uummata Oromoo biratti seerri uumaafi uumamaa kan ittin eegamu, ilmi namaa lafa kana irra yeroo jiraatutti seeratti walitti dhufeenya uumama birowaliin walitti isa fiduufi ittin qajeeluudha. Safuun seera Waaqaa ulfinaafikabajawaaqatiif hojiirra ooluu qabuudha. Kunis Safuu Waaqaafi Lafaa, Safuu abbaafi haadhaa,safuu hangafaafi quxusuu, safuu uumaafi uumama jidduu akkasumas safuu uumamaafi uumama jidduu jiru jechuun nidanda"ama*

Akka ibsi kanaatti ammoo, safuun nama gidduu jiru akkasumatti dimshaashaan kan ilaalamu qofa osoo hintaane,safuun namaafi waaqa,namaafi uumama akkasumas, namaafi nama gidduu jechuun qoqqoodama kan ofkeessaa qabu ta'uudha. Safuun kan maqaa dhahamuufi maqaa hin dhahamne jedhamuun hawaasa keessatti beekamaadha. Kanneen waamuun isaanii hawaasa keessatti nama qaaneffachiisu bifa alkallattii ta'een kan dhimma itti bahan yoo ta'u,warra maqaa dhahuun nama hin saalfachiifne garuu, haala barbaachisummaa isaaniitti dhimma itti bahu.

#### 2.1.3.1.1. Jechoota Safuu Maqaa Hindhamne/laguu

Safuu hawaasaa ilaalchisuun,haala garagaraa keessatti Oromoon namaafi wantoota adda addaatiif safuu yeroo kennu,waan safeeffatu sana kan maqaa dhahuufi maqaa waamuullee saalfatu qaba. Safuuwwan kunneen akkasumatti seedaan kan waamamanidha. Boordii Barroo Amantaa Waaqeffannaa (2011:83) yoo ibsu :

> "*Seeda jechuun waan maqaa beekamu qabu,garuu immoo maqaa sanaan waamuun eagaa afaaniitti ulfaatu qabu ykn qaanii ta'e,akka biraatti waamuu ykn maqaa seedaan waamuudha. Kun gosa safuu keessaa isa tokko.Qaama hormaata namaa maqaa dhahuun safuudhja.Kanaaf waan kana fakkaatan maqaa laguu/seedaan waaman"jedha.*

Geetaachoo (2011:57) yoo ibsu "…haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasni tokko jechoota akkuma feeteen maqaa kan hin dhoofne, kan jechootaan bakka bu'uu hin dandeenye osoo hin taanee safuu yookaan saalfii waan ta'aniifi nisaalfata" jechuun lafa kaa'a. Kunis wantoota safuu ta'an sanneen yoo maqaa dhahan hawaasa keessa jiraatan keessatti kan nama qaanessu waan ta'eef alkallattiidhaan itti dhimma bahu malee akka argan maqaa hindhani. Osoodhuma safuu kana beekanii yoo kabajuu baataatan hawaasa keessa jiraatan keesatti ni jibbamu. Uumaadhaanis akka waan walitti bu'aniitti ilaalama.Ofii isaaniis gammachuu sammuu hinqabaatani.

Dirribiin (2016:68) yoo addeessu,

> *Safuun seera qananiiti.Hunduu walqananiisee, walkabajee waliin jiraata.Burqaan, eellifi horri qananiidha.Itti hinfincaa'amu; itti hinbobba'amu; xuriin itti hingatamu; safuudha. Namni nama dheessee burqaa yookiin malkaa keessa yoodhaabbate hintuqamu, safuudha. Biqiltuun qananiidha.Osoo gogaan jiruu jiidhaan hinmuramu.Osoo jallaan jiruu sorooroon ykn solooloon ykn sirriin hinmuramu.Damee irraa muru malee hundee muranii balleessuun safuudha.Qananii cabsuun safuu cabsuudha.*

Akka yaada kanarraa hubannutti, uumani marti: Burqaan, eelli, horri, malkaan, biqiltuun, fi kan kana fakkaaan martinuu safuu mataa isaanii waan qabaniif akka safuu isaanii kanatti walkabajanii jiraachuun seera ganama isaaniif kenname ta'uu nuhubachiisa. Kana jechuun,safuun kan nama gidduutti qofa mul'atu qofa osoo hintaane,uumamni adda addaas safuu akka qaban namatti agarsiisa.Yaaduma kanaKidaanuu (2016:65) Luba Dafaa(1983:38) wabeeffachuun akka itti aanutti ibsa:"Egaa nama ta'ee safuufi saalfii biyyaa kanhinbeekne maraatuu yokiin raatuu kan ta'e yokiis dhukkubsatee kan gaggabee qullaas ofitti qabuu kan dadhabe ta'a." jedha.

Kana jechuun uumamni kamuu safuufi saalfii mataa isaa kanqabudha.Safuu kana immoo namni sirriitti yaaduu danda'u nihubata.Hubachuu qofa osoo hintaane,akka aadaa hawaasa sanaatti eeguun yookaan kabajuun dirqama ta'a jechuudha. Uummanni aadaafi afaan waliin qabu akkuma aadaa isaatti safuu mataa isaa danda'eqaba.

Safuun kun immoo kan namni hawaasa ana irraa dhalata waan hawaasni sun jaalatudalaguufi waan hawaasni sun safeeffatan immoo dhiisudha.Kanaaf Laguun Sirnadhugeeffannoo hawaasa tokkoo keessatti tuquu yookin gochuu dhiisuun kan walqabatujechuudha.Yaada kana ilaalchisee Dirribii (2012:89) yoo ibsu;"laguu jechuun, aadaa,safuu, amantiifi seenaa ofii eeggachuuf jecha waan adda addaa irraa of qusachuufiobsuudha. Nyaata, dhugaatii, saalquunnatii lagachuun ni jira."Dassalany (2016:11) yoo ibsu, "Jechootni laguu qaamota waa'ee isaanii dubbachuun nama qaanessu sanarra gama amalaan, yaadaan, gochaafi eenyummaan dhiibbaa guddaa geessisuu waan danda'aniif uummata Oromoo biratti haalaan lagatamu. Lagannaan kunis safuu hawaasichaa eeguu keessatti gahee guddaa kan taphatudha,"jedha.

### 2.1.3.1.2. Jechoota Safuu Maqaa Dhahaman

Jechoonni safuu kunneen safuu kan ibsan ta'anii hawaasa keessatti waanuma yoo maqaa dhahaman kan nama hinsaalfachiifnedha.Haata'u malee safuu hawaasaa ibsuu keessatti gahee mataa isaanii kan qabanidha.

#### 2.1.3.1.2.1.Jechoota Safuu Dubartootaaf Jedhaman

Safuun seera hawaasni Orommo ittiin walkabajee waliin jiraatu. Akkasumas, uumama biroo waliin osoo miidhaa wal irraa hingahiin waliin jiraatanidha. Hawaasni Oromoo adeemsa guyyaadhaa gara guyyaatti jiruu isaa gaggeeffatu keessatti uumaa,dubartootaafi walii isaa wajjin walitti dhufeenya mataa isaa niqaba. Kanas akkasumatti osoo hintaane, waan uumaadhaan kennaa ta'ee isaaf kenname maal naan jedhuudhaan kabaja nama, uummaafi uumamaaf laachuu agarsiisa.

Warqina(2008:9-10) yaada kana akkana jedha:

> *Akka Oromootti Safuun ulfina / respect/ ulfina abbaa, haadha, adaadaa, eessuma, Lafaa, Waaqaati.Safuun walitti dhufeenya wantootaati.Kunis Safuu haadhaafi intalaa, Safuu abbaafi ilmaa, Safuu labataafi labataa, Safuu namaafi Uumamaa Safuu Waaqaafi Lafaati.Aadaa hawasaa keessatti wantoonni hunduu iddoo uumamaaafi aadaan keessatti qabanitu jira. Iddoo qaban kun eegamee akka iitti fufu seerri eegu jira. Serri kun seera waaqarra kennameedha. Seerri kunis Safuudha.*

Yaadni rimee olitti ibsame kun Safuu ilmi namaa wal danda'ee uumama kamiiyyuu waliin naannoo isaa keessatti nagaan jiraachuudha. Safuun cabuun walitti dhufeenya gaarii namoota jidduu jiruu, namaafi uumama biroo akkasumas naannoo irraan miidhaa geesisuu danda'a.seerri safuu ittiin eegan kun jalqabuma waaqaan waan kennameef,uumamni sunneen seera safuu sana waan falmatuuf osoo hintaane, hawaasni ofumaa beekeekan kabajudha.

Leellisaa(6413:143) yoo ibsu,"Akka aadaa oromootti dhiirri gaafa rakoo qaleyookiin gaafa niitii duraa fuudheejalqabee diinqa /gola hinseenu,safuudha. Otoo hinfiidhiinis diinqa haadha ofii malee kan nama biraatuu hinseenu dhiirti."jedha.Akka aadaatti dhiirri gola yoo seene illee gola keessa hintaa'u.Arrabsootu jira.Abalu immoo golaa gadi hinba'u; gola keessa oola jedhama.Karaa biraan akka waan sodaataa ta'etti fudhatama. Yaaduma kana Birhaanuu(2013:81) akka ibsutti, " Jechoonni tokko tokko, maqaa dubartii (woman) jedhu kana waliin walqabatanii galma barbaadameen ala yoo dubbataman qaanii kan ta'aniifi safuu cabsan ni jiru."jechuun addeessa.

Kana jechuun ,jecha dubartii jechuun akka waan qaanii  yookaan saalfii ta'etti fudhatamuu hinqabu. Dubartiinis akkuma nama kamiiyyuu namumadha. Namni yeroo jechoota dubartii ibsanitti dhimma bahu akkaataa hinbarbaachifneen hiikkachuu irraa hineegamu.Jecha kamuu hiika hinbarbaachifneen hiikuun nidanda'ama.Garuu hiikni jechichaa inni hawaasa keessatti fudhatama qabu nijira. Akkaataa nuti itti fayyadamnu irratti hundaa'uun jechoonni safuus jecha saalfii/kan maqaa waamuun isaanii nama qaanessaniifi hinqaane jiru. Kanaaf, jechoota safuu dubartoota ibsan akkaataa hinbarbaachifneen  fayyadamuun sirrii akka hintaanetu hubatama.

**2.1.3.1.2.2.Jechoota Safuu Dubartoonni Sirna Adda Addaa Keessatti Qaban**

Cidha raawwachuu keessatti gaheefi safuun haadhaa salphaa miti. Gaa'ela irratti haadhaafi abbaa yookaan namoota akka abbaafi haadhaatti fudhatamantu eebbisa.waaqeffannaa keessattis dubartootni waaqeffannaa galmatti,tulluutti,malkaatti qixxuma dhiiraa waaqeffatti.Guyyaa ayyaana ateetee  dubartiin kabaja guddaa qabdi.

Dirribii(2012:120) yoo addeessu,

> *Guyyaa ayyaana ateetee abbaan manaa dubartootaaf tajaajila qalmaafi waan adda addaa kenna malee dubartii hinajaju. Hanga guyyaa shaniitti dubartiin qoofniitti*

*qoloo uffattee,callee haadha isheefi akkoo ishee itti dabaltee jifaarrattee miidhagdee; nyaachaa, dhugaa Waaqa galateeffachaa oolti.Ateeteen Ayyaana haadhaati. Oromoon kan Dhugeeffatu; Ayyaana Dubartii fi kan Hormaataati. Ayyaana Ayyoo" Baar" jedhaniis nii jira Ateeteen akka Waaqefannaatti Ayyaana Sanyiifi Hormaata Qajeelfachuu kan dubartiin Facaafattu. Ateeteen Ayyaana Dubartiiti Dubartiin Uffata Aadaa mataa isaa ta'e kan akka Qoloo,qomeefi kkf uffattee waggaa lamatti altokko dhadhaa coqorsaa cuubxee facaafachuun eebbifatti.*

Leellisaa (6413:117) yoo ibsu,"Haaluma kanaan qophiin jalabultii xumuramee ganama obboroo warri angafaa (agaftichaafi angaftittii)ulfa baatanii uummataan tumsamanii gara iddoo ireechaatti faaruu adda addaa jechaa deemu." Jechuun addeessa.Amantaa keessattis dubrtiin safuu qabdi.Akka amantaa waaqeffannaatti dubartiin gahee mataa ishee qabdi.

Boordii barroo amantaa waaqeffanna(2011:433) "Bulchiinsa gadaa keessatti dubartiin kallattiidhaan filachuufi filatamuuf mirga hinqabdu.Kun waan fulduratti sirraa'uu maludha. As irratti kan hubatamuu qabu, Oromoo biratti dubartiin kallattiidhaan qooda hin fudhatiin malee, weedduudhaan, gorsaan harka dugda duubaatiin hirmaannaa niqabdi."jechuun addeessa. B.B.A.W.(2011:209)irrattiyooaddeessu,"DubartiinGuultuun,Ayyaantuu,Muudduu,Fixxaayii,Bars iiftuufi kkf nitaati jedha,"jechhuun lafa kaa'a. kun immoo,namni fedhiifi dandeettii qabaannaan,sababa garaagarummaa saalaan akka hindaangofne nuhubachiisa.Yeroo kana faaya kana akka caaccuu, calleefi siinqee qabattee dhiyaachuun kabajaafi safuu qabaachuu ishee mul'isa waan ta'eef, namni kamuu waan isaan jedhan hindidu. Yaaduma kanan walqabateen Caalaan Soorii (20013:27) Caaccuu yoo ibsu, "Haati caaccuu siiqee qabattee warraaana gidduullee yoo seente warraaanni ni dhaabata.Haati caaccuu dubartii ilmi gadoometu qabata.Caaccuu jechuun teepha qalloofi elellaa sagaliin hodhamee bareedee kan dubartiin qabattuudha" jedha.Kanaaf caaccuun ardaa jilaatti erga bahee, waaqaan erga kadhatamee meeshaa ulfaa ayyaanaa dubartootaa jechuu dandeenya.Caacuu Illillaa bishaan keessaa guuramerraa gogaa Roobitti kan diramuudha. Meeshaan hoodaa kun jiidhafi dhaloota kan ibsuudha. Kanaaf caaccuun meeshaa hoodaa dubartiin Ayyaantuun Oromoo itti gargaaramuudha.

B.B.A.W.(2011:388)Dubartiin fira, gosa daarte sun nama abdachiisaa ta'e,filatteetu marga,coqorsa,baala abbayyiifi urgeessaa qabattee,mana namichaa dhaqxee "Abbaan dhabe,

obboleessan dhabe;gosan dare abbaa naa ta'i,gosa daara nabaasi!"jetti namichis hindidu safuudha,"jechuun ibsa.Yaanni kun Oromoon dubartii oromootti kooluu galte ,ofirraa achi hinqabu.hammataa ta'uu isaa qabatamaan mul'isa.

#### 2.1.3.1.3. .Jechoota Safuu Haadhaaf Jedhaman

Haati deessuu ilma namaa hundumaati.akka haadhaatti rakkachuufi dhiisuu,dhabuufi argachuu,daaruufi uffachuu ijoollee ishee kan ilaalu hinjiru.abbaanillee hamma haadhaa namaaf hin yaadu. Kanarraa kan ka'e hawaasa kam birattuu haati safuu fi iddoo guddaa qabdi. Boordii Barroo Amantaa waaqeffannaa(2011:84) "Ijoolleen haadha walii arrabsuun safuu cabsuudha."Jedha. Akka yaada kanaatti haati kabaja guddaa waan qabduuf arrabsuun safuu cabsuudha. Laattee nama quubsiti, obaaftee dheebuu nama baafti. Beelaafi dheebuu namaa eegdee nama guddifti. Haati namaaf yaaddi.Kanaaf haati safuu waan qabduuf arrabsamuu hinqabdu.

Yaaduma kana Dirribii(2012:81) akka itti aanu kanatti ibseera."Ilmaafi durba deessee diroo namaa fufsiiftu;marqitee nyaachiftee,elmitee obaaftee,balaafi diina daa'imarraa eegdee,odoo dadhabe hinjedhiin qomaa dugdatti baattee,nama guddistu hawaasa waaqefftaa biratti jaalalaafi ulfina guddaa qabdi."jchuun ibsa.Yaada kanarraa kan hubatamu,Oromoon akkuma nama kaaniifis ta'e walii isaaf safuu qabu haadhaaf safuu nikenna. Kanas akkuma akka isaatti kan safuun barbaachisuuf yeroo barbaachisutti safuu kan laatu ta'uu nuhubachiisa.

B.B.A.W.(2011:392) akka ibsutti,"Fknf:seerri Makoo Bilii 41ffaa akka hiroorrifamne adaba;13ffaa immoo haadha hiyyeessaatii manni haa ijaaramu jedha;55ffaa baqataa namatti galeef eegumsi haagodhamu jedha,"jechuun ibsa. Kuni haati hiyyeessaa illee hawaasa Oromoo biratti safuu guddaa akka safuu guddaa qabdu nama hubachiisa.

#### 2.1.3.1.4. Jechoota Safuu Dubartoota Ulfaaf Jedhaman

Hawaasa Oromoo biratti dubartoonni ulfaa kabaja guddaa qabu.Kabaja qaban kana immoo gochoota garagaraan agarsiisu. Gochoonni isaan raawwatan kunneenis, safuun kan guutamedha. Safuu kanas daa'ima haati sun garaatti baattuun illee walqabsiisuun nikabaju. Yaaduma kana Biraanuu (2013:91) yoo ibsu,

*Dubrtiin garaatti baattu yookaan ulfi tokko hawaasa Oromoo biratti kabajaafi safuu guddaa qabdi. Namoonni karaattis ta'e gabaa keessatti nikabaju,gargaaru,dursa bakka kennuuf. Akka falaasama Oromootti dubartiin ulfi kan kabajamuu qabduuf, mucaan dhalachuuf jedhu sun hayyuu kan biyya bulchu yookiin mootummaa kan ta'u, kan beekumsaafi beekamtii guddaa qabu ta'uu mala jedhanii waan amananiifi. Dubartii ulfa biratti waan baay'eetu lagatama. Ulfa ta'uu ishee illee yoo himuu barbaadan,kallattiidhaan ishee "ulfa" hinjedhani.*

Akka ibsa kana irraa hubatamutti, haala itti Oromoon dubartoota ulfaa kabaju bifa safuu guddaa ofkeessaa qabuunidha.Kanas daa'ima isheen garaatti baattuun walqabsiisee akka ta'edha. Mucaan dhalatu nama guddaa bu'aa biyyaaf ta'u akka ta'etti fudhatama. Erga dhalatee waan barbaade haata'uyyuu malee, osoo hindhalatiin haadha nikabajama.Haadha isaa illee nikabachiisa. Kabaja dubartoota ulfaaf qaban irraa kan ka'e yeroo dubartoota ulfaa ibsan,alkallattiidhaan bifa safuu qabuun ibsu malee kallattummaan ulfa hijedhani.

#### 2.1.3.1.5. Jechoota Safuu Ijoollee Dubaraaf Jedhamu

Ilaalchi shamarraniif jiru kan ishee qofaa osoo hintaane kan maatiifi kan gosaa illee nidabalata. Kanairraa kan ka'e shamarran hawaasa keessa jiraatan keessatti safuu niqabu. Yaada kan Dirribii (2012:90)yoo ibsu,"Mana hartee,;bishaan waraabdee;qoraan caabsitee; ameessa elmitee;weessoo raaaftee dhadhaa baasuudhaan warra tajaajiltu gosaafi warra biratti jaalalaafi kabaja qabdi."jechuun addeessa. Yaanni kun tajaajila isheen maatii isheef kennituun kan walqabatudha. Kanaan alattis,hawaasa keessa jiraattu keessatti safuu niqabdi.

### 2.1.4. Faayidaa Jechoota Safuu

Hawaasni haala waliin jireenyaa keessatti jechoota safuuf idddoo guddda kenna.Kanaaf,seera yookaan safuu eeguun faayidaa akkuma qabu,safuu eeguu dhiisuunis miidhaa mataa isaa qaba.Faayidaa jechoota ilaalchisee Dirribii(2012:65"'Yeroo seera tumu namni nidhaabata, yoo safuu jedhu garuu kabaja waaqaatiif nijilbeeffata,'kan jedhu yaada obbo Shagardii Buukkoo,ayyaantuu sayyooti."

Akka yaada kanaatti safuun seera caaluu isaati. Sababni isaa safuun seera waaqaatiin kan walqabatu yoota'u,seerri garuu, namaan tumama.waaqniifi namni immoo wal hingitani. Kanaaf

yeroo seerri tumamu namni dhaabbatee yeroo safuu jedhan kan namni jilbeeffata jedhameef.Nadia (2012:114) akka ibsutti, faayidaa jechoonni safuu qaban kan humna guddaa qabaachuu isaaniiti. Seera ittiin hiikama jechoota safuu cabsuun itti fayyadamuun hawaasa keessatti dhiibbaa gama aadaa, amantaafi hawaasummaarraan ga'uu danda'a. Kanaafuu, jechoonni waan safeeffatamaniif sodaatamu waan ta'eef, bakkeewwan wal dhabbii garaagaraatti akkaataa haasaa dubbattootaafi dhaggeeffatootaa gara fudhatama qabutti deebisuuf safuu hawaasni ittiin jiraatu humna guddaa qaba.

Biqilaa (2008:24) yoo ibsu,"Safuun ilaalcha uummanni Oromoo dhimmotaa maraaf qabu kan agarsiisudha. Dhiimma yaadan jiru qofa osoo hintaane gocha ilama namaa mara kan ilaaltuudha. Daandii jireenya sirri, amala gaarritti nama qajeelchuufi ittin jiraataniidha."Akka yaada kanarraa hubannutti,safuun kabaja namni namas ta'u uumama,akkasumas uumaasaa kabajee nagaan waliin jiraatudha.

Safuun faayidaa hedduu qaba. Safuun walkabajanii waliin jiraachuu waan ta'eef, nageenya nama dhuunfaa irraa kaasee amma nageenya biyyaatti eegsisuutti ga'een isaa salphaa miti. Akksumas, wanta gaariifi gadhee adda baasee waan mul'isuuf isa gaarii raawwachuun isa gadhee irraa ammoo akka goran kan taasisudha. Yaaduma kana ilaalchisuun Fiixeen (2013:262) yommuu ibsu,"Sabni tokko saboota biroorraa kan inni ittiin addaan bahu: aadaa, seenaa , hooda, safuu ittiin beekkamu qabaachuu isaati. Namni tokko qomoon koo kana jechuu qofaan eenyummaa isaa hinmirkaneessu. Gumaacha inni aadaa sabichaa keessatti qabutu dhugoomuu qaba."Jechuun ibsa.

Bilisummaa (2011:22) faayidaa safuu yeroo ibsu,

> *Safuun qajeelfama guutuu jiruufi jireenya hawaasati. Haaluma kanaan, wanta hawaasa keessatti gaariifi gadhee ta'e adda baasanii beekuun akkasumas wanta gadhee ta'erraa goruun wanta gaarii ta'e immoo cimsanii qabachuuf kan nama fayyaduudha. Haalli jiruufi jireenya namaa dhuunfaa akka tolu godha. Walitti dhufeenyi nama giddutti akka cimu gochuu keessatti ogummaa jireenyaa gaarii ta'uun kan tajaajiludha. Safuu hawaasaa tokkoo beekuun rakkoo adda addaa kan akka: walitti bu'iinsaa, amantaa dhabdummaa, soba, ofittummaafi kkf irraa nama baraaruuf faayidaa guddaa qaba.*

Ibsa kanarraa wanti hubatamu, safuun waliin jireenya hawaasummaa keessatti faayidaa hedduu akka qabudha.Kunis,hawaasni waan yeroodhaa gara yerootti waan raawwatu keessatti wal kabajuu, waan hamaa raawwachuu irraa of qusachuun waan gaarii raawwachaa wal faana akka jiraatu taasisa. Haala kanaanis nama dhuunfaarraa kaasee hanga hawaasatti walkabajuu,jaalalaafi amantummaa hawaasa waliin jiraatu gidduutti uumuu keessatti gaheen safuu eeguun qabu guddaa ta’uu isaati.

Safuun  hawaasa Oromoo iddoo durii jira jechuun hin danda’amu.Kunis sababa mataa isaa qaba.Yaada kana Leellisaan (6413:240) yoo ibsu,

> *Karaa biraa immoo ilaalcha uummatichi duraan qabu gadi lakkisiisuuf mala garagaraa fayyadamanii, isa ture dhabamsiisuutti bobba’u.Akka kanaan kan Uummata Oromoos dhabamsiisuuf tattaafatan. Gochaaleen raawwataman akka itti aanu kanatti haa hubannu; 1.Amantii Oromoo balleessuu, 2.Sirna Gadaa Oromoo balleessuu, 3.Afaan Oromoo balleessuu,4.Sirna maqaa Oromoo balleessuu,walumaa gala tokkummaa Oromoo irratti rakkoo uumeera. Sabni Oromoo fi Saboonni Afrikaa aadaafi amantiin isaa wal keessa jira.Safuun aadaas amantii isaa keessa jira.Waan godhu hundumaas safuudhaan godha.Aadaan isaa aadaa amantiiti. (kitaaba Yaayyaa Waaqeffannaa) tokkummaan Oromoo akka diigamu gahee guddaa kan xabatee amantii alagaa lameenuu alaa itti dhufan ta’uun beekamaadha.*

Yaada kanarraa wanti hubatamu, Oromoon waan hojjetu hundumaaf akka qabu, safuufi duudhaa isaa dur qabu sababa dhiibbaawwan adda addaan irraa mulquuf yaalaa akka turaniifi tokkummaan uummatichi qabus sababa shira garagaraan akka diigamu gochuufi fedhii malee amantiin alagaa akka  itti fe’amutaasisaa turamuudha.

## 2.2. Yaaxxina   Qorannichaa

Gosa qorannoo kamuu keessatti yaadiddamni kallattifi xurree qorannoo namatti agarsiisuyookaan ibsuuf gahee olaanaa qaba. Yaadiddamni ijoo mataduree qorannoo tokko waliinwalittidhufeenya qabu filachuun kallattii qorannoo itti agarsiisuudhaaf, malleen qorannoodaran barbaachisoo tahan filachuudhaaf, yaada adda addaa walbira qabaniimadaaluudhaaf, qeequudhaaf, akkasumas sakatta’a barruu, ka’umsa qorannoofi kaayyooqorannoo tokko galmaan gahuu keessatti daran

murteessaadha.Kanaaf qorataan qorannoo gaggeesse kana waliin deeman lama: kan mata durichaibsuufi kan faayidaa matadurichi qabu agarsiisu, filatee armaan gaditti kaahee jira.

### 2.2.1. Yaaxina Faayidaa (Functional Theory)

Dorson.R.(1972: 22-24).Akka ibsutti yaaxinni kun fooklooriin faayidaan inni uummataafqabu maali? Isa jedhu ilaaluun hundarra murteessaadha.Yaada jedhutu ol-aantuummaanmul'ata. Yaaxinni Kuniis, aadaan hawaasaa kan hawaasichaan raawwatamu maaliif akkaisaan gargaarufi tajaajila akkamiif akka inni oolu kan xiinxaalamuudha.

Kuniis, hawaasabarsiisuu, aadaa kunuunsuu, jijjiirrama amala fiduu, tokkummaa hawaasa cimsuufi k.k.f.akka fayyadu ilaalamu qaba.Kan jedhu ibsa.Akkasumaas, Hayyuun Bascom.(1992:175).yeroo ibsu,qorataan yaaxxina faayidaatti kangargaaramu yoo ta'e aadaa hawaasa keessatti baratame tokko akka ijaarsa kalaqqaattihawaasa kan tajaajiluufi giddu galeessummadhaan aadaan akka ijaarramuufi faayidaanaadaan hawaasa keessatti qabu gadi fageenyaan haala saayinsaawa ta'een kan ibsamuufitajaajila hawaasa keessatti qabu kan xiinxalamuu qabudha. Jechuun ibsa.

### 2.2.2. Yaaxina Aadaa Hawaasa( Folk-Cultural Theory)

Dorson.R .(1972:40-41). Kaayyon yaaxxina kanaas,qorattoota kana keessatti aadaanhawaasa akka cimu taasisaadha. Kanaaf, aadaan jiruufi jireenya dhala namaa waliin kanwalitti hidhatedha. "The folk culture is both fildworker and theorist, and amodern studyof culture might include the detailed description and ordering of field data" yaada kana irra wanti hubatamu namni qorannoo fookloorii irratti adeemsiisu tokkoaadaa hawaasa keessatti kan qorachuu qabu hojii dirreefi aadaa irratti xiyeeffachuun waa'ee hojii dirreefi aadaa sanarra waan ragaan argame gadiifageenyaan xinxaaluun hiika kan itti kennamuu qabuufi duraa duubaan kan qinda'uu qabudhadha. Kuniis,beekumsa hawaasa tokko, duudha,aadaa, xiinsammuu hawaasicha,qabeenya uummamaafi naannoo xiyyeeffannoo keessa galchuu qaba,yaada jedhu nuttiagarsiisa.

Walumagalatti, mata duree Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf qabu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat qorachuuf yaaxxina kanatubarbaachisaadha.jedhamee wanti adda bahe dhabamuus, qorataan kunis yaaxinaaleegaraagaraa jiran keessa isaan armaan olitti

ibsaman mata duree qorrannoo kanaan walittidhiyyeenya qabu jedhee filachuun itti gargaarrameera.

### 2.3.Qorannoo Walfakkii

Sakatta'a barruu kana jalatti hojiiwwan namoota qorannoo kanaan walitti dhiyeenya qabantu sakatta'ama.Mata dureewwan qorannoo kanaan walitti dhiyaatan sakatta'amaniru.

Bilisummaa (2012) Xiinxala Safuu Uummanni Oromoo Namaaf Qabu: Godina Addaa Naannawa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu Irratti Kan Xiyyeeffate. Qorannoon kun xiinxala safuu uummanni Oromoon namaaf qabu Godina Addaa Naannawaa Finfinnee Bulchiinsa Magaalaa Buraayyuu kan jedhu kun safuu Oromoon namaaf qabu qofa xiyyeeffachuun kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo koon wanti adda taasisu, xiinxala Ergaa jechoota safuu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat dubartootaaf qabu kan xiyyeeffate ta'uufi jechoota safuu dubartootaa agarsiisan sanneen funaanuun ergaan isaanii maal irratti akka xiyyeeffatu xiinxaluudha.

Inni biraan Biqilaa(2016) mata duree 'Qaaccessa safuufi safeeffannaa uummata Oromoo godina Arsiifi Gujii,' jedhurratti sadarkaa digirii lammaffaatti Yuunivarsiitii Addis Ababaatti hojjatame isa tokko ture. Kaayyoon qorannichaas safuufi safeeffannaa uummata Oromoo funaananii qaaccessuudha jedha. Matadureen kun safuufi safeeffannaa Oromoo Godina Arsii funaanuudhaan baasanii agarsiisuudha malee, safuun sun maal akka xiyyeeffatu agarsiisuufi ergaa isaa xiinxaluu miti. Xiyyeeffannoon qorannoo jchoota safuu funaananii qaaccessuudha.Wanti qorannoo kanarraa adda taasisu,qorannoon kun:Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat kan xiyyeeffatedha.

Dassaalany (2016) Qaaccessa qabiyyee Jechoota Laguu:Xiyyeeffannoon Oromoo Godina WallaggaaBahaa Aanaa Kiir amuu Keessa Jiraatan kan jedhudha. Qorannoon kun,jechoota laguu isaan kam irratti akka xiyyeeffatu hin ibsine.Akkasumas, jechoota safuu lagataman malee jechoota safuu kannen biro itti hindaballe. Karaa biraan qorannoon kun kan xiyyeeffatu jechoota laguu kanneen ta'an fuunaanuudhaan qabiyyee isaanii qaaccessuudha.

Garaagarummaan qorannoo kanneen lamaan gidduutti ml'atu,qorannoon kiyya Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf Qabu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat kan

xiyyeeffatedha. Kanaaf gama qorannoo kanaan jechoota safuu hin lagatamneefi kanneen lagataman funaanuun akka aadaa hawaasichaatti ergaa isaanii xiinxaluun ibsuudha.

Dasta (2015) Safuu: The Indigenous Oromo Moral System. Kan jedhu yoota'u,

Mata dureen kun dhuftee safuu hidda dhaloota Oromoo kan jedhu yoo ta'u, kun immoo, safuu duuchaadhumatti addeessuu kan yaalu yoota'u, qorannoon kiyya garuu xiinxala ergaa jechoota safuu Oromoon dubarttotaaf qabu addatti ka ilaaludha.

Inni biroon immoo (2004) mata duree 'Xiinxala jechoota safuu Aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti godina Arsii Aanaa Baalee Gasgaar irratti kan xiyyeeffate' irratti kan geggeessite ture. Qorannoon kunis jechoota safuu fuudhafi heeruma keessa jiran qofaarratti xiyyeeffachuun kan hojjatamedha. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaas jechoota safuu fuudhafi heeruma keessa jiran funaanuun xiinxaluu ture. Haata'umalee, safuun uummanni Oromoo jireenya guyyuu isaa gaggeessuu keessatti qabu fuudhaafi heeruma qofaa keessatti mul'ata miti. Akkasumas, safuun jechaan qofaas kan ibsamu miti. Qorataan kun immoo dubartoonni gama kamiinuu qaban ergaa isaanii xiinxaluu ibsuudha.

Damee (2013) Xiinxa Laguufi Lagannaa Uummata Oromoo Wallaggaa Lixaa

Digirii 1[ffaa] guuttachuuf gaggeeffame.

Qorannoon kun laguufi lagannaa uummata Oromoo akka waliigalaatti kan ilaallatuufi godina wallagga lixaa kan xiyyeeffatudha. Xiyyeeffannoon isaas ergaa xiinxaluu miti.

Qorannoon qorataa kanaa garuu Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf Qabu godina shawaa lixaa aanaa gindabarat kan xiyyeeffate yoota'u, addatti ergaawwan jechoota safuu dubartoota ilaallatan funaanuu,adda baasuun xiinxaluufi tajaajila isaanii addeessuudha. Haalli itti dhiyaateefi itti fayyadama naannichaas garagara.

# BOQONNAA SADII:  MALA QORONNOO

### 3.1.Saxaxa Qorannichaa

Boqonnaan kun malleen qorannoon ittiin adeemsifamu irratti xiyyeeffata. Akaakuun qorannaa kanaas qorannaa qulqulleeffataati.

Haaluma kanaan qabxileen bal'inaan ilaalaman qorataan ragaalee iddattoo irraa argate qaaccessuuf mala ibsaa gargaarame. Sababnisaa odeeeffannoo argame gadi fageenyaan ibsuuf filatamaa waan ta'eefi. Qorannoo kanaaf akka madda odeeffannootti kan tajaajilan warreen odeeffannoo laatanidha. Warreen odeeffannoo laatan maalummaa safuu dubartootaa irratti hubannoo qaban qooduun,hordofameen ragaan argame qaacceffameera.

Qorannoo qulqulleeffataafi maddi ragaa xiyyeeffannaan filatamuun akka jiraatuufi qorataafis haalaan hubatamee ibsuun akka mijatu addeessa. Kana malees,q5orannoon qulqulleeffataa hawaasa keessa seenanii aadaa, duudhaa, dandeettii, dadhabbiina, fedhii, jaalalafi jibba walumaagalatti sochii jiruuf jireenyaa daawwachuu, gaafachuu, yaadannoo qabachuufi waraabuun gaggeeffama.

### 3.1. Iddattoofi Mala Iddatteessuu

Qorataan qorannoo Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf Qabu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat jedhu kana gaggeessuuf malli iddattoo iddatteessuuf filateera. Malawwan iddattoon ittiin filatamaniifi hojiirra oolan keessaa iyyaafannoo (snow ball sampling), akkayyoo (purposive sampling) hojiirra oolanii jiru. Iyyaafannoo jechuun darbaa dabarsaa (snow ball sampling) yaada jedhamu kan qabu mala iddattoon ittiin filatamu keessaa tokkodha. Kunis namoota dhimmicha beekan gaafachuun yookiin iyyaafachuun qorannoon akka gaggeeffamu taasisuudha. Namni iyyaafannoon argames nama biraa kan dhimmicha san sirriitti beeku jedhaman eeruun qorannoon kun gaggeeffame. Malli kunis namoota waa'ee qorannoo kanaa hubannoo gaarii qaban argachuufi odeeffannoo quubsaa ta'e funaanuuf gargaara.

Dastaan, (2013:134) dhimma itti yaadamee iddatteessu yoo ibsu "qorannoo qulqullaa'inaa keessatti mala kanaan iddatteeffachuun kan barame.Yommuu mala kan fayyadamnufi odeefannoo funannu madda ragaa itti yaannetuma filanna.Kanaafis sababa quubsaa

qabaachun barbaachisaadha."jechuun ibsa.Haaluma walfakkaatuun Addunyaa (2011:60)yoo ibsu,"Malli akkamtaa, haalli jiruufi jireenya hawaasaa ykn amala hawaasa sanaa akkaataa, bifa inni qabuufi qabata isaa akkasumas maal jechuu akka tahe kan ittin xiinxalamudha"jedha.

Yaaduma olii kana bu'uureffachuun qorataan jechootni safuu Aanaa Gindabarat ergaan isaanii maal akka fakkaatan xiinxaluudha. Qorataaniis sababni mala Iddatteessuu itti yaadamee fayyadameef qorannoon gaggeesu qorannoo qulqullaa'inaa waanta'eef ragaa Ergaa Jechooa Safuu kun argamuu kan danda'amu namoota Safuu dubartootaa beekan, barbaaduun kallatiin filachuun dirqama waan ta'eefidha.

Haaluma kanaan qorataan mata duree xiinxala ergaa jechoota safuu Oromoon Dubartootaaf qabu Godina shawaa lixaa Aanaa Gindabarat irratti kan xiyyeeffate yoo ta'u, Aanaan kun gandoota baadiyyaa soddomii tokkoo (31)fi gandoota magaalaa lama (2) waliigalatti gandoota soddomii sadii (33) kan qabdudha. Gandoota kana hundarraa odeeffannoo fudhachuun waan ulfaatuuf akkasumas, garaagarummaan yaadaa bal'aan gandoota kanneen gidduutti hin mul'atu jedhee waan yaadeef, mala iddattoo itti yaadee (purposive sampling)tti dhimma ba'uun gandoota soddomii sadan kanneen keessaa gandoota afur gandoota kanneen keessaa namootan waa'ee safuu dubartootaa himuuf muuxannoo qabu jedhee yaade maanguddoota dhiiraa afur dubartii lama walitti namoota ja'a gandoota arfan irraa maanguddoo digdamii afuriifi ogeessota aadaafi turiizimii sadi,walumatti namoota digdamii torba fudhachuun odeeffannoon funaannameera. Namoonnin filataman kunneenis ilaalcha, umriifi saalaa akkasumas, muuxannoo dhimmicharratti qaban irratti hundaa'uunidha.

### 3.2. Madda Ragaa Qorannichaa

Madda ragaa qorannoo ta'anii kan tajaajilan maadda ragaa tokkoffaa yoo ta'u kunis: namoota beekumsaafi hubannoo Safuu uummata Oromoo qaban jedhamanii yaadaman isaanis; manguddootaafi Ogeeyyii waajjira Aadaafi Turizimii ta'u. Ragaa gama barreefamatiin kitaabilee aadaafi duudhaa Oromoo irratti barreefaman, Qorannoo duudhaa, Safuu uummata Oromoo irratti hojetaman, barreefaman marsaa intaneetii madda ragaa sadarkaa lammaffaati.

### 3.3. Malleen Funaansa Ragaa

Qorannoo kana gaggeessuuf malleen funaansa ragaatiif dhimma itti bahame:Af-gaaffiidhaan jechoota safuu, safeeffataman ibsan funaanaman yoo ta'u, marii gareetiin, ragaa af-gaaffiin funaanan garaagarummaan ragaa yoo jiraate walitti araarsuufi cimsuuf, kanneen itti dabalaman akkasumas, ragaawwan ifa hintaane irratti mara'achuun ifa akka ta'an taasifamedha.

#### 3.3.1. Af-gaafii

Af-gaaffiin malleen odeeffannoon ittiin funaanaman keessaa isa tokkodha. Kunis qorataaniifi odeeffannoo kennitoonni yookiin gaafatamatootni walbira gahuun fuulaa fuulatti kan walarganii yaada isaanii kennanidha.

Qorannooo kana keessatti sababni afgaaffiin ittiin filatame inni guddaan ,yeroo gaafatamtootni deebii kennan miira isaan ittiin deebii kennan hubachuun waan danda'amuufi fuulaa fuulatti qaamaan wal bira gahuun odeeffannoo gahaa argachuun waan danda'amuuf. Akka Dastaan (2013:111) ibsutti Malli kun qorataafi odeef kennaan fuulleetti wal arganii odeeffannoo kan waliif kennanidha. ''Odeeffannoon afgaaffiin funaaname gaarii kan taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka gaafatu dandeessisa'' jedha.

Yaada kana irraa waanti hubannu afgaaffii keessatti qorataafi odeefkennaan qaamaan walarguun ragaan kan funaanamudha. Kunis qorataa gaaffii isaa bifa odeefkennaaf ifa ta'uu danda'uun waan gaafatuuf ragaa quubsaafi amansiisaa ta'e argachuu akka danda'u nuhubachiisa.Gaaffilee qorataan afgaaffii keessatti dhimma itti bahe gosti gaaffii banaadha. Gaaffilee banaan akka namni waan hubate sirriitti ibsu deeggara.Bifuma kanaan qorataan gaaffilee qorannoo kanaaf odeeffannoo gahaa argadha jedhee yaade gaaffilee 13 maanguddoota dhimma safuu irratti hubannoo qaban iyyaafachuun namoota 13 gaafachuun odeeffannoo walitti qabateera. Namoonni odeeffannookennan kunneenis gandoota aanichaa afur keessaa kan filatamanidha: Gaafa guyyaa2/5/2012 Deebisaa Leenjisaafi Magrsaa Gonfaa,gaafa guyyaa 3/6/2012 Birrituu Margaafi Dirribaa Baabuu,gaafa guyyaa 2/7/2012 Godee Hoofuufi Mul'ataa Tolaa gaafa guyyaa 13/8/2012 Nagaroo Mul'ataa, Naggasaa Tarrafeefi Nugusee Badhaadhaa,gaafa guyyaa17/9/2012 Tasammaa Ooshaafi Alamuu Birruu irraa odeeffannoo walitti qabateera. Haaluma kanaan, ragaa odeefkennitoonni beekan akkaataa ittifayyadama., gosaa isaafi faayida isaa waliin akka ibsaniif

karaadha. Qorataan kana bu'uura godhachuudhaan, yaada odeefkennitoonni kennan irratti hundaa'ee gaaffilee biroo gaafatee yaada dabalataa argatee odeeffannoo funaannateera.Haala maanguddoonni odeeffannoo kennan sun keessa jiraniifi hubannoo qaban irratti hundaa'uunis gaaffilee fooyyesseefi yaada isaanii irratti hundaa'uun gaaffilee biraa kaasee gaafatee odeeffannoo bal'aa argachuu danda'eera.

Mala kanaan odeeffannoo funaanuuf qorataan jalqaba gaaffilee qorannoo isaatiif deebii naaf argu jedhee yaade gaaffilee 13 qopheeffate. Gaaffileen qophaa'an kunis kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uu isaanii keessa deebi'ee erga mirkaneeffateen booda gara odeeffannoo funaannachuutti seene. Odeeffannoon haala kanaan funaanames yeroo isaan deebii kennan viidiyootti waraabame.

### 3.3.2. Marii garee

Qorannoo adeemsisame tokko keessatti mariin garee meeshaalee odeeffannoo ittiin funaanaman keessaa isa tokko.Marii garee keessatti akkaataa yaadni burquu danda'uun gaaffilee adda addaa dhiheessuun haaluma salphaan akka irratti mari'ataniif karaa mijataa uuma. Yaadota dimimmisaa'anillee karaalee ittiin ifa gochuun hubachiisuu danda'amuudha.Mariin garee yaada namni tokko osoo hin ibsiin bira tare inni biroo yaadaachiisuun karaa yaada tokko guutuu ittiin taasisaniidha.Walgargaaranii kan inni tokko dagate inni biroo yaadachuun akka falli barbaachisaa ta'e argamu haala mijeessa.

Malleen odeeffannoon itti sassaabaman keessaa tokko marii garee xiyyeeffatamaadha. Tooftaan kun namoota dhimmicha haalaan beekan afaaniin mari'achiisuun odeeffannoo bilchaataa argachuuf nifayyada jedhamee kan filatamedha.  Jechi "marii garee" jedhu maqaa adda addaa qaba. Innis, af-gaaffii garees ni jedhama. Mariin garee  odeeffannoo hawaasa irraa funaannachuuf faayidaa guddaa qaba.Haala mariin garee itti gaggeeffamuufi faayidaa marii garee ilaalchisee, Dawson (2002:29) "Focus group may be called discussion groups or group interview. A number of people are asked to come together in agroup to discuss a certain issue.The discussion is led by moderator or facilitator who introduces the topic asks specific questions, controls digressions and hopes break-away conversations."jedha.

Kana jechuunis, Marii garee keessatti, odeef-kennitoonni waliin bakka tokko taa’anii dhimma tokko irratti wal marii'atanii dhiyyeessan taasisuudha. Adeemsa kana keessattisnamni marii sana mari'achiisuu ykn namni akka isaan yaada garaa garaa maddisiisan isaankakaasuun hogganama. Marii'achiisaan kun immoo mata duree irratti hundaa'uun gaaffii walii walii isaanii akka walgaafachuun yaada burqisiisuu danda’an ni gargaara. Yemmuu isaan marii’atan qoratichi immoo yaadannoo qabachuun odeeffannoo funaannachuufiwaraabbachuun ragaa walitti qabata.Kana malees, yeroo marii tokko keessatti odeeffannoo baay’ee walitti funaannachuun qoraticha ni gargaara. Odeef-kennitoonni yaadairraanfatame akka wal-yaadachiisaniifi isaan gargaara.Mariin garee qorattoonniifi odeefkennitoonni filataman bakka tokkotti walarganii waliin marii gaggeessuuf waanbarbaachisuufidha.

Haaluma kanaan qorataanis, Aanaa Gindabaratitti qaamaan argamuudhan gaaffilee qorannoo isaatiif barbaachisaadha jedhee qopheeffate mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) gargaaramuudhaan namoota waa’ee jechoota safuu aanichaa sirriitti beekan garee miseensa nama sadi,shan,sadii qabu gurmeessuun gaaffilee ijoo ta’an 8 cuunfuun gaafa 29/6/2012 ganda Winee Roggee bakka Waakkattuu Kombee jedhamutti:Dabaloo Qattur, Dabgaatuu Nagawoo,Bultoo Dabaloofi Dinqinash Dinsaa,gaafa guyyaa 3/7/2012 ganda Xaaphisaa Madaallee iddoo ilaala yaa’ii jedhamutti,Dirribaa Dheeressaa,Finjilee Hoofuu,Gaddoo Bazzaa,Likkituu Baanjeefi Nuurgii Dabbaallii ganda Kaachisii iddoo Mishigii jedhamutti gaafa guyyaa 18/9/2012 Xinnuu Badhaadhaa, Daksiisaa Tolasaafi Birqii Bultoo maanguddoonni kunneen gosoota safuu dubartootaa isaan kamfaa akka ta’an,faayidaa safuun kunneen qaban:maatii keessattiifi hawaasa keessatti qaban sa’aatii lama lamaaf akka mari’atan erga taasiseen booda odeeffannoo barbaachisaa ta’e akka argatu taaasiseera. Adeemsa marii garee keessattis, qorataan yaadni akka jala hintarreef, meeshaalee waraabbii kaameraafi moobaayilatti dhimma bahuufi yaaddannoo qabachuun raawwateera.

### 3.4.Mala Qaaccessa Odeeffannoo

Ragoota odeeffannowwan kanneen akka afgaaffiifi marii gareetiinargaman gadi fageenyaan xiinxalamanii hiikaa itti kennamu waan ta'eef, qorataan maddeenkanatti gargaaramee odeeffannoowwan walitti qabaman mala akkamtaa (qualitative)fayyadamuun qaaccesseera.Ragaaleen qorannoo kanaaf funaanamanis tooftaaleegaraagaraatiin mala qoqqooddii, qindeessuufi ibsuun irra deddeebiidhaani qaacceffamanii dhihaataniiru.Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu erga funaanamee boodas bakka addaddaattiqoqqoodamuun ibsameera.Odeeffannoowwan afgaaffii, marii gareetiin funaanaman kunneen akkaataa walfakkeenya isaaniitiin walitti guuramanii ibsamaniiru.

Gocha kana Addunyaan (2011:71) yemmuu ibsu, ‘‘Qaaccessa odeeffannoo akkamtaa keessatti odeeffannicha qopheessuun, irra deebi'anii dubbisuun kees soo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan tokko hordofuu qabu keessaa warra muraasa’’ jedha. Ibsiitti kennames haaluma namoonni odeeffannoo kennaniin sababa isaanii kennan waliin taa'e.Akka waliigalaatti maalummaa ergaa jechoota safuu,gosoonni isaanii maal maal akka ta'e, faayidaa akkamiitiif akka oolniifiakkaataa ittifayyadama irratti ibsi gabaabaan erga itti kennamee booda tokko tokkooisaanii yaada haayyotaafi odeefkennitootaa wajiin waliin walqabsiisu ibsi bal'aan itti kennameera.

### 3.5.Muuxannoo Dirree

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannichi itti adeemsisu dhaquudhaanqorannoo kan gaggeessuudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'u irraaargamu namoota, hambaa, aadaa hawaasichaafi k.k.f daawwachuufbira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaachuuf wantoota akka gaariitti nama qunnaman bakka itti ibsuuf fayyaduudha. Haaluma kanaan qoratichisyeroo jechoota safuu gaafatee fi gareen akka mari'ataniif isaan dubbisetti itti hirmaachuuf fedhii dhabuu, yoo gaafatamansirritti ibsuu dhabuun ni mul'ata.

Odeeffannoowwan qorannoo kanaaf barbaachisan kan walitti qabaman adeemsa addaaddaa keessa darbaniiti. Jalqaba qorataan odeeffannoo ittiin funaanuuf malawwannagargaaru jedhee filate afgaaffii dhuunfaatti garee namootaa beekumsa irratti qabanniin maanguddoota dhiiraa saddeet maanguddoota dubartootaa shaniif gaaffilee 14 qopheeffatee

erga mirkaneeffateen boodaviidiyoo kaameraafi moobaayila odeeffannoon itti suura kaasuu waraabamuufi yaadannoo haala gaariin erga qopheeffatee hojii aloolaa booddee ragaawwan viidiyoo kaameraan waraabaman dhaggeeffachuufi ilaaluun barreeffamatti jijjiiree ragaaleen qaacceffamaniiru.

## BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa Kana keessatti ragaawwan mala afgaaffii fi daawwannaan argamantu qaacceeffama. Kunis gaaffilee bu'uraa fi kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun kan dhiyaatu dha. Dhimmoota ergaa jechoota safuu dubartootaa ibsuuf odeeffannoo funaanaman hunda xiinxaluudhaanidha.

### 4.1. Gosoota Jechoota Safuu Dubartootaa

Jechoonni safuu dubartootaa xiyyeeffatan gosoota hedduu ofkeessaa qabu.Hawaasa keessatti safuun akkaataa ittiin dubbatamu qaba. Hawaasni Oromoo Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat aadaa safuu isa ibsu kan mataasaa niqaba. Aadaa isaa kanas karaalee garagaraan ibsata.Haala ittiin aadaan bahee mul'atu keessaa barsiifatni yookan irradeddeebiin gochoonni raawwataman bifa safuu ofkeessaa qabuun yoo ta'u, jechoonni barsiifanni safuu hawaasaa agarsiisuuf tajaajilanis yeroo hawaasichi dubartootaaf kabaja qabu agarsiisu heddumminaan mul'achuu danda'u. Kunis akkaataa dubartoota sunneen ilaalu irratti hundaa'a. Maanguddoo Deebisaa Leenjisaa gaafa guyyaa 29/5/2012 yoo ibsu, safuun akkaataa dubartootawwan kanneen kabaju yookaan itti ilaalu irratti hundaa'uun ibsa.Yeroo kanas, haalli dubartoota maanguddoo ta'an, dubartoota ulfaa, shamarran dhala namaa kan ta'e maraaf kabaja qabuu agarsiisuuf jechoonni dhimma itti ba'u safuun kan guutamedha. Haata'u malee dubartoota kanneen ibsuuf jechoota garagaraa fayyadama. Safuu yeroo ibsu duuchumatti dubbatuufi gadifageenyaan addeessu qaba. Kan duuchaan yookaan gaalchaan dubbatu sunneen bira qabee haasawa malee ifatti jechoota safuu sana ibsanitti dhimma hinba'u. Sababni isaa safuuwwan akkasii keessa jechoota saalfachiisoo ta'an hedduutu keessa guutee jira waan ta'eefidha. Warreen kaan garuu osoo safuu ta'anii jiraniiyyuu yoo maqaa dhahan nama hinqaanessu Haaluma kanaan safuu maqaa dhahamaniifi lagatamne jedhamanii waamamu.

Safuun Kabaja namniifi namni, namniifi uumaan, namniifi uumamni haala waliin jireenyaa isaanii keessatti ittiin walkabajanii wajjin jiraatanidha.Yeroo kanas jechoota safuutti dhimma bahu.Jechoonni safuu ibsanis waa hedduuf jedhamu. Safuu haadhaa, ijoolleen,hangafni, quxisuunillee safuu qabu. Safuu isaan qaban kanneen ibsuuf immoo, jechoota safuutti ulfina qabeessa ta'anitti dhimma baana.safuuwwan kanneenis jechoota maqaa dhahuuf namatti ulfaatan,kan bira qabuun haasa'aman jechoota safuu maqaa hindhahamne,kan osoo safuu ta'ii

yoo maqaa dhahaman nama hinsaalfachiifne immoo jechoota safuu maqaa dhahaman jechuun bakka lamatti akka qoodamanis ibsaniiru.

### 4.1.1. Safuu Lagataman/kanMaqaa Hindhahamne

Akka maanguddoonni marii gareen gaafa guyyaa 2/6/ 2012 ibsanitti, safuu lagataman kan jennuun kan hawaasni waliin jireenya isaa keessatti bifa ulfina qabeessa ta'een waamu yookaan waamuu saalfatudha. Safuuwwan kanneen waamuuf kan nama saalfachiisan,akkasumas, kan nama sodaachisan ta'uudhaan beekamu. Isaan kunneenis safuu namaafi uumaa, uumaafi uumama gidduu, safuu namaafi uumamaa ta'uu danda'u.Isaan kunneen kan lagataman kan dubartootaan walqabatan warra maqaa isaanii waamuuf nama qaanessan yoota'u,kan uumaan walqabatan garuu waamuuf nisodaatamu. Sababni isaa akka waan uumaan namatti dheekkamutti fudhatama jedhanii ibsu.

Qaamni saala maqaa hindhahamu safuudha.

Yeroo waa'ee qaama saalaa haasahuu barbaadan jecha safuu saalfiidhaan golgameen bira qabanii ibsu.Kanas kan jedhameef, uumama isaa irraa jalqabee dhalli namaa kan sammuu waa yaadee xiinxaluun adda baasuun kuni qaanii/saalfiidha;kun immoo qaanii jechuu danda'u akka ta'e himu. Namni namummaa isaatiin safuu ta'ee qaaneffatamu mara adda baasee beekuun isaa jalqabumaa kan turedha. Kanaaf wantoota dubbachuunis ta'e raawwachuun isaa nama saalfachiisu raawwachuu irraa of qusata. Kanas sababa mataa isaan walqabsiisa.

Mana fincaanii deemna jedhu malee, udaanii deemna hin jedhamu.

Kanas kan jedhamuuf akka hawaasa keessatti jecha saalfii yookaan leeyyoo ta'etti fudhatama waan ta'eefidha. Namni immoo waan hawaasa keessatti fudhatama hinqabne yoodubbate dubbiin isaa fudhatama dhaba.Karaa biraan boqonnaa sammuu hinargatu. Akka nama safuu hinbeekneetti fudhatama waan ta'eefi jedhama.

### 4.1.2. Safuu Kan Hinlagatamne

Akka ibsa maanguddoo Magarsaa Gonfaa gaafa guyyaa 6/5/2012 jedhanitti, dur dubartiin abbaa manaa maqaa hinwaamtu.Kunis kabaja safuu irraa kan ka'edha jedhama. Kanarraas wanti

hubatamu ilaalchi namni duriifi si'anaa safuudhaaf qabu garaagarummaa qabaachuutu mul'ata.Yoo waamuu barbaaddellee maqaa kan ofii ishee maggaafachuun: yoo ijoollee qabaattemmoo abbaa abaluu jechuun waamti malee kallattumaan maqaa abbaa manaa ishee dhahuun hinwaamtu.Hangafa maqaadhaan hinwaamani,hangafa gararraa hintaa'ani.Kanas kan raawwatan waan itti dheekkamaniif osoo hintaane,safuu ganama uumaan kenne waan ta'eefidha jedhu.Osoo hangafni jiruu quxisuun hin eebbisu, osoo hangafni hinfudhatiin quxisuun dhaala hinfudhatu. Waaqaafi nama fulduratti hangafni qooda mataa isaa qaba.

Dubartii maanguddoo ta'e biratti ni dhuufte hinjedhamu; hafuura baafate jedhama.

Nama umuriin namaaf hangafuun nidhuufte yoo jedhani, akka aadaatti safuudha.Nama qaanessa. Kana kan beekan waan namni namatti himeef osoo hintaane safuudhuma hawaasicha keessa jiru irraa baratama.Kan itti himamu ijoollee umuriin xixiqqoo ta'anitti qofaadha.Kun immoo hawaasa keessatti waan hawaasni raawwatu safuun walqabsiisuun akka uummanni walkabajuun wajjin jiraatu taasisa.

Dubartii maanguddoo taateen nisobda hinjedhamu;nidogoggortan jedhama.

Yoo nisobda jedhameen waan adabamuuf osoo hintaane,maanguddoonni akka aadaa hawaasa Oromootti kabaja guddaa waan waan qabuufidha jedhama. Kana immoo haala waliin jireenyaa keessatti hawaasichi wal irraa barataa jiraata.Namni maanguddoo hinkabajne safuu cabsuu isaati.Namni safuu cabse namaan nijibbama.Uumaadhaan akka waan walitti bu'uutti fudhatama.Nisobda kan jedhu itti yaadamee ta'uu danda'a. nidogoggortan itti yaadee yookaan osoo itti hinyaadiinis ta'uu danda'a.kanaaf xiyyeeffannoo itti laachuun dogoggoricha irraa deebi'uu nidanda'a.Maanguddoonni mata duree jechoota safuu hinlagatamne marii garee irratti hirmaatan gaafa guyyaa 3/7/2012 yoo ibsan,Kana yoo jedhamu jecha kana maqaa dhahuun nama hinqaaneessu. Sababni isaa ta'ii kana ibsuufi malee jecha kana maqaa dhahanii waamuun hawaasicha biratti jecha saalfii miti.

Manni dubartiin keessa jirtu safuu qaba. Yeroo mana nama biraa deeman akkuma aragan deemaa dhufanii mana namaa hinlixani. Akkuma mana nama sanaa bira gahaniin, warra manaa,warra manaa jedhanii waamuun dursa nagaa gaafatu. Dhimma dhufaniif illee akkuma dhufaniin hin dubbatani. Yoo jarri warra mana sanaa nyaara itti tolanii akka namni

sun olseenee keessummeeffamuuf hawatan niseena. Akkas hintaane taanaan, waan jechuu barbaade dhaabbiidhumatti xumuruun duubatti deebi'ee deema. Kanas Oromoon waliin jireenyuma naannoo isaa irraa nihubata. Akkana yoo jedhamu Oromoon nama hinjaalatu jechuu miti. Warra manaa jechuun manni sun kan keessummaa sanaa akka hintaane nama hubachiisa. Namni osoo karaa deemuu yoo itti galgalaa'ee nabulchaa yoo jedheyyuu, "bulaa; manni kan waaqi"jedha malee Oromoon manaan hinboonu.

**4.1.2.1.Safuu Dubartoota Maanguddootaa**

Uumamni rabbii uummata Oromoo biratti safuu mataa isaanii qabu.Safuu kana ibsuufis jechoota safuu kana agarsiisuu danda'anitti dhimma bahu.Gaafa Birrii Margaa guyyaa 3/6/2012 akka ibsanitti jechoonni kunneen immoo safuu kanneen ibsuuf humna niqabu.Humna jechoota kanaatiin namni akka sodaatuufi waan aadmalee qaanii ta'erraa akka ofqusatu taassisa. Kana gochuuf kan dirqamaman jalqabuma ibsa jechoonni kunneen gochaawwan maanguddoo dubartootaa kana yeroo ibsan agarsiisaniinidha.

Dubartii cifiree/umuriin dullooman akkoo jedhu malee maqaan hinwaamani.

Kuni kan jedhamuuf oromoon durumaan aadaa maanguddoota dhiiraas ta'e dubartoota kabajuu durii jalqabee qabudha. Yoo ijoolleen akka tasaa kan maqaa waamtu ta'ellee, warri ijoollee sun itti dheekkamu. Akkoon dubartii haadha haadhaa yookaan haadha abbaati.Umurii dheerachuun eebba waaqayyooti.Kan uumaan kabaje namni salphisuu hinqabu.Kabajuutu irraa eegama. Ijoollees ta'e name ga'eessi yoo maanguddoo kabajuu dhiisee kan arrabsuufi salphisu ta'e galgalli nama sanaa gaarii hinta'u. waan hamaan bara umuriin dullooman keessa akka isa mudatutti fudhama.

Dubartii maanguddoon ati hinjedhamu;isin jedhama.

Kanas ofii filattee akkas naan jedhaa jetti osoo hintaane safuu aadaa hawwaasichaatu haala mijeessa. Yeroo gocha kana raawwatan immoo waan namni isaan ajajeef osoo hintaane aadaadhaan sabicha biratti hubatamaa waan ta'eef akka callisaniif yaanni garaa isaanii akka isaaniif hin eeyyamnetu hubatama.Akkas yoo jedhamu Oromoon ijoollee hinkabaju jechuu miti. Ijoolleen hawaasa Oromoo biratti kabaja guddaa akka qabdu dubbatu.Yeroo irbaanni yookaan nyaanni nyaatamu ijoon hindhaabattu. Ijoollee xixiqqoo taanaan osoo namoonni

gurguddoon hinnyaatiin nyaata kennuuf. Namni karaa deemu illee ijoollee boossu argee callisee bira hindarbu.Itti goree gaafata.Kunis kabaja ijoof qabu agarsiisa.

#### 4.1.2.2.Safuu Haadha manaa

Haati manaa safuu qabdi. Haala waliin jireenya isaanii keessatti yaada walii eeguudhaan akka waliin jiraatan taasisuuf safuun human guddaa qaba.Akka maanguddoo Godee Hoofuu gaafa guyyaa 8/6/2012 jedhanitti,

Iccitii haadha manaa baasuun safuudha.

Kana jechuunis, kabaja ganama rabbi isaaniif kenne eeggatanii waliigalteefi jaalalaan njiraachuu qabu malee giddugaltummaa nama biraaf haala hin barbaachifneen akka hinkeessummeessinedha. Abbaa manaa fi haati manaa kan uumaan kenneef iccitii waliin jireenyaa qabu. Dhimma bultoo isaanii ilaallatu ofumaa yoo hiikkatan gaarii ta'a. Akka aadaattis yoo dubbiin baay'ee ufaate malee giddu galtummaan nama biroo dhimma bultoo isaaniif murteessaa akka hintaanetu himama.

Niitii hinjedhani haadhamanaa/haadha warraa jedhu.

Niitii jechuun akka aadaa hawaasichaatti tuffii agarsiisa. Niitii kan jedhan abbaa mana wajjin gaafa wallolan arrabsoof itti fayyadma. Yoo nama biro ta'e immoo jibba ishee irraa qaban agasiisuuf yookaan cabsoof itti dhimma bahu malee kabajaaf miti. Qooda niitii jedhan haadha manaa yookaan haadha warraa jedhaniitu waamu.haadha warraa yookaan haadha manaa jechuun safuu ofkeessaa qaba.

Dubartii maqaa dhahuun sanyooshii hin jedhani duuba haasa'u malee

Sanyoo kan jedhamu, abbaa manaadhaan alatti kan haadha manaa nama birootti deemu jechuudha. Sanyoo qabdi jechuun safuudha. Gochi kanaan walqabatee raawwatamus bifa sirrii osoo hintaane bifa hannaan kan adeemsifamudha. Akka yaada odeefkennitootaatti, haalli gochi kun itti raawwatu akka aadaa Oromootti hatuufi waan hamaa hojjechuun fudhatama waan hinqabneef, dubrtiin kanatti of moggaasuun qaanessaadha. Akka namicha sanyoo ta'u sanaatti garuu jaallatee itti deemuu danda'a. Akka tasaa yoo irratti beekame garuu, bultoo nama sanaallee diiguu nidanda'a. Abbaan manaa sunis haaloo bahuuf gara

haadha manaa sayoo haadha manaa isaa deemuullee yeroon itti yaalamu jira. Lola cimaas isaan gidduutti uumuu nidanda’a.Yeroo kana safuutu caba. Aadaatu bada

Waarsaan safuu qaba.

Waarsaa kan ta’an fira dhihoo abbaa manaati. Ibsa odeefkennitootarraa argamee namni waarsaa ta’uu danda’u ijoollee wasiilaati.Akka sanyoo osoo hinta’iin waarsaan hanga tokko beekkamtii niqaba.Abbaa manaa birattuu waarsaa jedhee waamuu nidanda’a. Firoota abbaa manaa keessaa ta’uun isaa akka tasaa ta’ee osoo abbaan manaa kan du’u ta’ee dubartittii dhaaluu nidanda’a. ijoollee namicha du’ees akka kan isaatti niguddisa jedhamee yaadama. Gaafa mana nama kanaa deeme mana jiraachuun isaa kan ittiin beekamu mallattoo kanneen akka ulee yookaan eeboo balbalatti danqee seena. Kun immoo akka namni ariitiidhaan mana hinseenneef deeggara. Akka aadaa naannichaatti beekamaadha waan ta’eef namni ulee yookaan eeboo balbalatti rakkate sana arge iddoo ta’e tura malee dafee man asana hinseenu.Kunis hanga ta’e safuu qabaachuu isaa mul’isa jedhama.

Haadha manaa nama biraa dirqisiisuun safuudha.

Inni kun hawaasa keessa jiraatan keessatti salphina guddaadha. Haadha manaafis ta’e nama dirqisiisu sanaaf saalfachiisaadha. Aadmaleedha. Kana malees, rabbi fulduratti fudhatama kan hinqabne,cubbuudha jedhamee fudhatama.Itilleen yookaan ciisichi abbaadhuma isaatiin miidhaga. Gochi hinbarbaachifne akkasii yommuu raawwatamu yakka biraatu dabalama. Gara jibbaafi gumaatti muruutti galu. Gumaan yookaan beenyaan muramee fudhatamu iyyuu namoonni sunnee xiin sammuu hinfayyani. Warra walreebee walburuksetu beenyaa waliif kanfaletu dafee garaan isaanii walitti fayya jedhama. Kanaaf haadha manaa nama biraa dirqisiisuun safuu jabsuudha.

Dhiira lamaafi isaa ol fuudheef haadha manaan jalqabaa safuudha.

Yaanni kun sababa adda addaan abbaan manaa haadha manaa biroo yoo fuudhe, ishee duraa taffachuufi arrabsuun safuudha. Haati manaa jalqabaa haadha manaa rakooti.Haadha manaa rakoo jechuun haadha manaa jalqabaa, haadha manaa qarrees nijedhama. Haadha manaan boodha fuudhan aarii irraa kan ka’e ta’uu danda’a. Dhala dabalachuuf ta’uus nimala. Guyyaa keessa kan fuudhanidha. Kun immoo akka aadaatti hanga haadha manaa qarree

fuudhanii waan hamaafi gaarii nama wajjin dabarsitee namaaf hinyaaddu. Kanaaf haadha manaa jalqabaa kabuun barbaachisaadha.

Haadha manaan obboleessaa safuu qabdi.

Obboleessi haadha manaa obboleessa isaaf yookaan obboleessa isaaf kabaja qaba. Kana jechuun obboleessi haadha manaa obboleessa isaa waliin waliin ciisuuf gaafachuu,walquunnamtii raawwachuuf yaaluun gocha nama qaanessuuf saalfachiisaadha.Waarsaan obboleessa osoo hintaane,fira abbaa manaati. Waan akkanaa raawwachuun aadaa cabsuudha.Bakk ciisaa qofa osoo hintaane manni obboleesa ofii yyuu kabaja qaba. Kabaja aadaa, kabaja dhiigummaafi kan kana fakkaatanidha. Namni gaafa kana ire darbee waan haadha manaa obboleessaa leeyyaassisu ofii niqaana’a. Qe’een warra sanaas nisalphata.Warra walitti deemu jedhamu. Walitti deemu kan jedhamu yaada jal’aadhaanidha waan ta’eef safuutu cabe. Safuun cabnaan aadaatu bade;waaqatu dheekkama. Sanaan walqabatee badiitu dhufa jedhu.

Dubartiin fira taate safuu firummaa qabdi.

Akkuma obboleettii firoonni abbaa torbaa asjiran quunnamtiin waliin raawwachuun waan nama qaanessudha. Namni saalquunnamtii raawwateefi fira fuudhe hawaasa keessa jiraatu keessatti boquu olqabatee jiraachuu hindada’u. Firaafi halagaa biratti nijibbamu;nisalphatu. Halagaan quba itti qaba.Firri nisaalfata.Isaanis jieenya nagaa qabu jiaachuu hindanda’ani. Walitti dhufeenyi isaan fira waliin qaban walitti dhufeenya jaalala firaa ta’uu qaba malee,waan nama qaanessuuf ta’uu hinqabu. Kana malees,dhalli firaan walquunnamtii gochuun dhalattu hinguddattu. Yoo guddattes qaama guutuu hintaatu.Sababni isaas aadaatu cabe.Safuutu dabe waan ta’eefidha. Kana kan fide gochi kun kan raawatame eebba maatii, firootaan waan hinraawwatamneefi uumaanillee gocha akkanaatti waan hingammanneefidha jedhamee amanama.

Sayyuun safuu qabdi.

Obboleettiin abbaamanaafi haatimanaa isaa waliif sayyuu ta’u.Isaanis waliin jireenya keessatti walkabauun safuu waliif kennuu qabu malee, hanqina walii tarreessaa walqaanessuu hinqabani.Yoo walhikabajani ta’e firatu addaan fagaachaa adeema.Warra

abbaa manaafi warra haadha manaatu waljibba.Ollaan illee safuu isaaniif qabu gadi xiqqeessaa adeema.

Gayyaan safuu qabdi.

Gayyaan haadha manaa wasiilaa yootaatu, akka haadhaatti ilaallamti.Akkuma wasiilli akka abbaatti ilaalamu isheenis akka haadhaatti ilaalamuu qabdi jedhama.Wsiilli obboleessa abbaati waan ta'eef bakka abbaan hinjirretti akka abbaatti maatii obboleessa isaa talaajiluu danda'a.kanaaf haati manaa wasiilaa/gayyaan kabaja qabdi jedhama.

Amaatiin safuu qabdi.

Amaatii kan jedhamu haadha haadha gurbaa yookaan abbaa gurbaa,haadha intalaa yookaan abbaa intalaati. Haati gurbaa fi haati intalaa amaatii waan ta'aniif safuu qabu.Soddaan amatii maqaadhaan hin waamu. Adeemsa keessa akka mucayyoo isaaniitti abbaayookaan aayyoo jechuu jalqaba. Isayyuu, yeroo nama biraatti haasa'u malee kallattiidhaan hinwaamu. Mucayyoonis warra gurbaa kallattiidhaan maqaa hindhooftu.Waan gurbaan yookaan obbolaan gurbaa jedhanii waaman fayyadamtee waamti. Haatiifi abbaan gurbaa garuu cidhaan booda gaafa guyyaa shanii maqaa kan mataa isanii mogaasuun ittiin waamu malee maqaashee isa duraatiin hin waamani. Kunis akka aadaa naannichaatti beekamaadha waaan ta'eef, hawaasa kana keessatti raawwatamaa jira.Yoo maqaadhaan waaman safuutu caba.

Dubartii kamiinuu gursummaa hin jedhamu akka isheen hindhageenyetti haasa'u.

Kan gusummaa jedhamtu dubartii abbaa manaa waliin hinjirredha. Heerumtee kan abbaa manaa waliin wal hiikan; kan mana maatii isheefi iddoo biroos ta'e qofaa ishee kan jiraattudha. Dubartiin akkasii hawaasa Oromooo biratti kabaja hinqabdu.Dhiironni baay'een ishee fuudhuu hinbarbaadani; Dhiironni safuu hinkabajne bakkuma isheen jirtutti akka dabalataatti waliin jiraachuu barbaadu.Gochi akkanaa immoo maatiis ta'e olla isheen akka hinjaalatamne ishee taasisa.Yoo rakkina du'aa ta'een alatti abbaa manaa waliin walhiikuun qofa jiraachuun kabaja dhabuudha. Safuu hawaasichaa casuu akka ta'etti ilaalamuun nama tuffachiisa. Safuu cabsuun hawaasicha keessatti jibbamuu fida.

Dubartiin waan qalamu morma hinbuustu/hingorraatu;hawaasaan jibbamti.

Yoo akka tasaa osoo abbaan manaa hinjiraatiin beelladoonni akka sa'aafi re'ee fa'aa ishee biratti du'uuf jedhanillee, namoota dhiiraa fira abbaa manaa ta'an keessaa nama tokkotti ergitee ariitiin waamsisuun osoo lubbuun beelladoota sanaa osoo keessaa hin bahiin akka isaan morma buusan taasifti malee ofii ishee morma beellda sanaa albeedhaan qaluun safuu cabsuudha. Yoo lukkuu qalachuu barbaadde illee abbaa manaa qabdi taanaan, hamma abbaan manaa galutti eeguun diqama itti ta'a. Gocha kana raawwachuu waan dadhabdeef osoo hintaane, akka aadaa hawaasichaatti akka waan gahee abbaa manaa ta'eetti waan ilaalamuufidha jedhama

#### 4.1.2.3.Safuu dubartoota ulfaa

Maanguddoo Mul'ataa Tolaa gaafa guyyaa 12/7/2012 akka jedhanitti dubartoonni ulfaa safuu nama hunduma biratti qabu. Hawaasa keessa jiraatan keessatti keessumaa, seera qabeessaan bultii ijaarratan kabaja guddaa qabu.Dubartiin ulfaa yeroo ishee yommuu gahu akkuma deessee sanyii itti fufsiiftu, hanga gaafa deessuutti rakoo hedduu keessa dabarti.Daa'imti garaa keessa jiru kunuunsa cimaa barbaada.Kan isheen garaatti baattu kabajaafi safuu guddaa qaba.Isheen mata lama/ija lama jedhu. Akkuma garaan ishee guddachaa adeemeen, namoonni gaafa kallattiidhaan itti dhufan ijji isaanii garaa ishee argu dafanii lafa ilaaluun safuu isheef qaban mul'isu.

Dubartoota ulfaa ulfa hinjedhani;garaatti baatti jedhu malee

Kunis akka aadaatti kabaja/safuu guddaadha.Akka nama tokkootti osoo hintaane akka nama lamaatti ilaalamti.Dubartiin garaatti baattu osoo dhaabattuu namoonni biraan hintaa'ani.Namatu waan ajajeef osoo hintaane sammuu namaa keessaa wanta namatti dhagahamutu jira. Kun immoo safuun humna miira namaa ajaju, humna guddaa akka qabu nama hubachiisa. Dubartiin garaatti baattu yoo dhimma ta'eef waa nama kadhatte hindidani. Sirumaa dafanii raawwatu. Kana immoo nama safuu beekuufi uumaa sodaatutu raawwata.

Qeerransi dubartii garaatti baattu hinnyaatu.

Yaanni kun safuun ganama uumaadhaan namaaf kennamudha malee kan itti yaadamee namaan raawwatamu miti. Kanaaf, uumama rabbii kan ta'e bineensi nama nyaatu illee safuu namaaf kennuun nama nyaachuu dhiisuun safuun walitti dhufeenya namaafi uumaa, uumaafi uumamaa ta'uu;Akkasumas, humna guddaa uumaadhaan namaaf kennamu ta'uu isaa

agarsiisa. Akka aadaatti baramaa waan ta'eef,itti yaadaniis ta'e osoo itti hin yaadiin gaafa waan safuu ta'e sana argan/dhagahan gara dhimma sana safeeffachuutti akka seenantu himama.

Dubartoota garaatti baattu/ulfa walga'ii fuldura hindhaabani/hindhaadhessani.

Akka aadaatti ijji hamaafi gaariitu jira jedhamee waan yaadamuuf jedhama.Wanti fuula walga'ii ishee fidu yoo jiraate illee dhimma isheef dursi laatamuu qaba malee ishee rakkisuun uumaa fuldurattis ta'e akka namaattis fudhatama hinqabu.Dubartiin garaatti baattu hanga gaafa deessuutti sodaa keessa jiraatti.Kun immoo deeggarsa namaafi uumaa barbaachisa. Kanaaf, rakkisuun safuu cabsuudha .

Deessuun safuu qabdi.Dubatii deesse bira deemanii yeroo bahan siree cabsii ka'i jedhu.

Dubartii reefu deesseen nideesse jedhu malee nidhalte hinjedhani.Keessumaa, yeroo baga sihiikee dhaqan naguma hiikamte mitii?Baga nagaan sihiike jedhu malee baga nagaan dhalte hinjedhani.Baga nagaan dhalte yoojedhan qaanii yookaan saalfiidha.Hanga ji'a tokko guuttutti hojii hin hojjechiisani.Dugdatu bukoodha jedhama. Dugdatu bukoodha jechuu hojii hojjechuuf qaama isheetu hinjajjabaanne waan ta'eef , dubartiin deesse boqonnaafi yaalii gahaa argachuu baannaan nimiidhamti jedhama.

#### 4.1.2.3.1. Jechoota Safuu Haadhaaf Jedhaman

Haati ilma namaa sammuu sirriin yaadu hunda birattii kabaja qabdi.Maangudddoo Baqqalaa Wayyumaa gaafa guyyaa 5/7/2012 haati deessuu ilma namaa hundumaati. Akka haadhaatti rakkachuufi dhiisuu,dhabuufi argachuu,daaruufi uffachuu ijoollee ishee kan ilaalu hinjiru. Abbaanillee hamma haadhaa namaaf hin yaadu. Kanarraa kan ka'e hawaasa kam birattuu haati safuu fi iddoo guddaa qabdi.  Haati waan namaaf yaaddu mara hanga dadeettii isheetti hojiin mul'ifti malee, haasawaan hinfixxu.Yoo ijoollee isheef laattu illee waan quufan itti hinfakkaatu. Ilmaafi durba deessee sanyii namaa fufsiifti; nyaachiftee qooqa,obaaftee dheebuu nama baafti,miidhama namaa hinjaallattu; dadhabe hinjedhiin qomaa dugdatti baattee,nama guddisti. Oromoon akkuma nama kaaniifis ta'e walii isaaf safuu qabu haadhaaf  safuu nikenna. Kanas

akkuma akka isaatti kan safuun barbaachisuuf yeroo barbaachisutti safuu kan laatu ta'uu nuhubachiisa.

Intalli haadhaf safuu qabdi; haadha ifachuu hinqabdu.

Hanga gaafa ganda warra ishee jirtuutti haadhaaf abboomamuun waliigalteen jiraachuu qabdi malee haasawa hinbarbaachifne keessa galtee haadhaafi maatii ishee salphisuu hinqabdu. Hir'inni karaa intalaa mul'utu kan maatii hundaa yoota'eyyuu irracaalaatti akka haadha ilaallatutu dubbatama.Fakkeenyaaf,Intalli haadha ciniinsuu hingorsitu, safuudha. Akkaa argite haasawa mana warra ishee dhufe keessa hinseentu.Osoo hin abboomamiin guddatte.Guddi badii jechuun dursa, boodarra maatii sanatu qeeqama waan ta'eefidha jedhama.

Ilmi haadhaaf safuu qaba:wallaaltuu,doofaa, atihaadhakoo miti;jechuu hinqabu.

Ilmi waan haadha isaa leeyyaassisu jechaanis ta'e gochaanuu hinraawwatu.Yaalii kana fakkaatu yoo taasise safuutu caba.Aadaatu bada.Uumaatu dheekkamama.Safuun seera uumaa ganamaati waan ta'eefidha. Haati ji'a sagal garaatti;waggaafi ji'a jaha harkatti baattee nama guddifti. Kanaaf, haati deessuufi guddiftuu waan taateef, hanga namni dhalatee guddaturra darbee hanga lubbuun ishee jirutti garaan ishee namaaf raafama.Kana waan ta'eef, haadha irratti hamaa yaaduun safuufi cubbuu akka ta'e eenyuyyuu hubachuu nidanda'a jedhu maanguddoonni.

Haadha hinreebani

Haadha ofii reebuun aadmaleedha."Haadha fi adurree hin dhaanaan"jedha Oromoon.Sababni isaa, haati dadhabbii hedduu ijoollee ishee biraa qabdi. Garaa,qomaafi dugdatti baattee nama guddifti. Yoo argatte hanga quufaatti, yoodhabde kadhattees ta'e hojjettee ofii hagabuu buluun laattee obaaftee nama guddiftu yooreeban safuufi cubbuu guddaa namatti fiddi. Dhalli ishee hamaas ta'e gaarii,bareedaas ta'e fokkisaa dhalakoo jechaa kunuusitee guddfti waan ta'eef, haadha reebuu miti arrabsuunuu safuu cabsuudha. Haati ijjoollee ishiitiin, maatii ishiitiniifi hawaasa keessa jiraattuun jaalalaafi kabaja guddaa qabaachuun ishee hubachuun nama hinrakkisu.

#### 4.1.2.4. Jechoota Safuu Ijoollee Dubaraa/Shamarraniif Jedhaman

Shamarran safuufi kabaja guddaa qabdi.Maanguddoo Nagaroo Mul'ataa gaafa guyyaa 18/8/2012 akka ibsanitti,ilaalchi shamarraniif jiru kan ishee qofaa osoo hintaane, maatiifi gosa ishee dabalata. shamarran hawaasa keessa jiraatan keessattillee safuu niqabu.Mana keessatti tajaajila adda addaa kanneen akka mana haruu,bishaan waraabuu,nyaata qopheessuu,qoraan caabsuu,buna danfisuufi warra tajaajiltu gosaafi warra biratti jaalalaafi kabaja qabdi.

Osoo durbi hangafti jirtuu quxisuu hinheerumsiisani.

Sababni isaa ishee hangafti akka waan tuffatamteetti ilaallamuufidha. Namni ishee hangafa sana kaadhimmachuu yoo barbaade, maalif akka ishee quxisuun dursa heerumte niqorata waan ta'eef, inni ishee kaadhimmatu sun sababa irratti funaanee yoo ishee tuffate haftuu taati jedhamee waan yaadamuufidha. Kanaaf, "manatti haftee manna heerumtee galtee wayya" jedha Oromoon.

Durba haftuudhaan osoo isheen dhageessuu kallattiidhaan haftuuhinjedhani.

Safuudha; yoo kallattiidhumaan waan akkasii itti kaasan hamilee isheetu caba. Yeroo dhimma isheef kan kana fakkaatu haaswuu barbaadanillee, irraa siquun haasa'u. Yookaan immoo nihasaasu. Waan akkanaa namatti hinfidiin; nuoolchi yaa rabbi jechaa,Waaqayyoon immoo dhiifa gaafachaa haasa'u.yeroo haasawaan dhimma kanaan walqabatu haasa'amuu eegalu gadi aantummaatu itti dhagahama waan ta'eef namoonni waa'ee haftuu kaasan of eeggannoon haasa'u.

Durbummaa gatte hijedhamu sabbata hiikkatte/nadhoomte.

Durbummaa gatte yoojedhan tokkoffaa hawaasa keessa jiraattu gidduutti isheedhaaf salphina.Qarreen dubaraa safuu qaba waan ta'eef abbaa manaan biraa ishee hin fuudhu.Maatiin ishee illee akka waan guddisa balleessaniitti ilaalamu.Akka aadaatti durbummaan safuu qaba.Kabaja isheeti waan ta'eefidha. Gaafa fuudhe yoo durbummaa qabaatte,Abbaa manaan ishee fuudhes ishee jaalachaa hafa; yoo isheen durbummaa hinqabdu ta'e jibba guddaafi komee itti kaasuudhaan yeroo yerootti ishee qeeqaa hafa. Kuni immoo hanga walhiikuutti deemuu nidanda'a.

Ijoollee durbaa dura bishaan hin dhugani.

Yoo ijoollee durbaa dura bishaan dhugan bishaantu nama nyaata jedhamee amanama. Kun immoo akka waan waadaa haalameetti ilaalama.Durbi baay'inaan garaa laafti.Osoo dubarri dheebottuu yoo bishaan dhugan gaafa laga guddaa cehan bishaan namatti dabuun garaa namatti jabaata.Kanaaf yoo dheebotanillee warri dhiirotaa obsuun shamarraniif dursa laachuu qabu.Akkas hingoone taanaan kabaja dubaraaf safuudhaan kennameef cabsuudha. Safuu kana kabajuu barbaachisaa ta'uu isaa osoo beekuu namni hinkabajiin miidhamuun isaa kan hinoolle akka ta'etti fudhatama.Kanaaf waan safuu ta'e namoonni beekan kabajuu qofa osoo hintaane nisodaatus jedhama.

Obboleettiin safuu qabdi.Saalquunnamtiif hingaafatani.

Obboleessii obboleettii isaa ija hintaaneen ilaaluu hinqabu. Kana jechuun obboleessi waan obboleettii isaas ta'e isa mataa isaa leeyyaassisu hingaafatu;hinhojjetu. Kuni akka aadaattis waan nama saalfachiisudha. Namni osoo beekuus ta'e osoo hinbeekiin fedhii wal quunnamtii saalaa raawwatan haraamuu jedhama. Dubartoonni fira ta'an safuu fira waliin qabu. Jechuma saalquunnamtii jedhu obboleettiif of eeggannoo gochuutu akka barbaachisutu hubatama.

Dubarri hin utaaltu,garaafi dugdaan hin ciiftu.

Akka aadaa Oromootti dubarri yeroo durii hin utaaltu.Utaaluu haaturuutii waan argiterraa hintarkaanfattu. Shamarri hinheerumne ulfina ishee eeggattee akka jiraattuuf maatiidhaan keessumaa haadhaa yeroodhaa gara yerootti ni gorfamti. Irra caalaa fedhii mataa ishee osoo hintaane yaada maatii isheetu eeggama. Kanas kan raawwatan maqaa isaanii eeggachuufidha. Yoo intaalli kan utaaltuufi ogummaa hojii mana keessaa hindandeenye ta'e oduun olla waan hindhokanneef, kaadhimmamuuf yeroo qoratamtu oduu hinbarbaachifne waa'een ishee dhagahamnaan kaadhimni ishee fuudhuuf dhufe ishee dhiisa. Miidhamni isaa immoo kan ishee qofa hinta'u.

Manatti ulfaa'uun yookaan da'uun safuudha.

Dhalli manatti osoo hinheerumiin dhalate maatii intalatiin akka dhala ormaatti ilaalama.Ollaadhaanis kabaja hinqabu.Sababni isaa manatti ulfaa'anii da'uun aadaa safuu

Oromoo cabsuudha waan ta'eefidha.Mucayyoon manatti deesse qaana'aa jiraatti.Yeroo hunda ofitti hingammaddu.Namoota birattis ulfina hinargattu. Gochaan safuu cabsuu akkanaa kana balaaleffachuu baramaa waan ta'eef, osoo namoonni namatti hin dubbatiin akka nama yakka hojjetee safuun cabe sun sammuu nama kanaatti turee turee gaaffii waan kaasuuf yeroo namoonni naanno sanaa dhimma biraa haasa'anis kan kanuma waa'ee nama sanaa haasa'an itti fakkaata. Kana irraa kan ka'e namni safuu cabse yeroo durii ofitti gammadaa hinjiraatu. Maatiin nama kanaas baay'ee itti qaana'u. kunis safuun hawaasichaa humna qabaachuu isaa agarsiisudha.

### 4.1.3. Jechoota Safuu Dubartoonni Sirna Adda Addaa Keessatti Qaban

Cidha raawwachuu keessatti gaheefi safuun haadhaa salphaa miti,kan jedhu yaada maanguddoo Naggasaa Tarrafee gaafa guyyaa 19/8/2012 kennanidha. Akka ibsa maanguddoo kanaatti, gaa'ela irratti haadhaafi abbaa yookaan namoota akka abbaafi haadhaatti fudhatamantu eebbisa waaqeffannaa keessattis dubartootni iddoo waaqeffannaatti galmatti,tulluutti,malkaatti qixxuma dhiiraa waaqeffatti. Yoo akkana jedhamu, qoodni isaanii tokkodha jechuu miti.Gaheen hojii isaanii garaagara ta'uu mala.

Guyyaa ayyaana ateetee dubartiin kabaja guddaa qabdi.

Guyyaa ayyaana ateetee abbaan manaa dubartootaaf tajaajila qalmaafi waan adda addaa kenna malee dubartii hinajaju. Hanga guyyaa shaniitti dubartiin qoofniitti qoloo uffattee,callee haadha isheefi akkoo ishee itti dabaltee jifaarrattee miidhagdee; nyaachaa, dhugaa Waaqa galateeffachaa oolti.Ateeteen Ayyaana haadhaati. Oromoon kan Dhugeeffatu; Ayyaana Dubartii fi kan Hormaataati.Ateeteen akka Waaqefannaatti Ayyaana Sanyiifi Hormaata Qajeelfachuu kan dubartiin Facaafattu. Ateeteen Ayyaana Dubartiiti Dubartiin Uffata Aadaa mataa isaa ta'e kan akka Qoloo,qomeefi kkf uffattee waggaa lamatti altokko dhadhaa coqorsaa cuubxee facaafachuun eebbifatti. Ayyaanicha kabajatti.

Haaluma kanaan qophiin jalabultii xumuramee ganama obboroo warri angafaa (agaftichaafi angaftittii)ulfa baatanii uummataan tumsamanii gara iddoo ireechaatti faaruu adda addaa jechaa deemu. Karaa biraan dubartiin haadha siinqee ta'uun kabaja guddaa qabdi.Gara iddoo waaqeffannaattis yeroo deeman haati siinqee dura warra abbootii gadaa deemuun iddoo

waaqeffannaa dhaqu. Kun illee safuufi kabaja dubartoonni sirna gadaa keessatti qabdu agarsiisa,kan jedhu yaaduma maanguddoo kanaati.Meeshaalee amantii kan dubartoonni ittifayyadaman kanneen akka Callee, Caaccuufi Siinqee meeshaalee mirga dubartootaa ibsuu tajaajiluun alatti amantii duudhaa Oromoo keessatti meeshaaleen ayyaana Oromoo kun ulfaa ayyaana kan dubartootaa jedhamun beekamu.

A. Caaccuu: Maanguddoo Nugusee Badhaadhaa gaafa guyyaa 2/9/2012 Caaccuu ilaalchisee yaada isaanii kennaniiru.caaccuun meeshaalee ulfoo kan shamarraniikeessaa tokko yoo ta’u,gama ayyaaneffachuu keessatti eebbaaf itti fayyadamucaaccuun meeshaalee aadaa kabaja dubartiiOromooti.Gogaa goromsaa irraa elellee sagal sagaliin tarree galee tolfama.Eebbaaf malee abaarsaaf hinbaasani.dubartoonni caaccuu qabatanii, siinqee qabatanii,araara,nagaa,rooba,fayyaa,hormaataafi k.k.fnuuf kenni jedhanii waaqa kadhatu.kanaaf, caaccuun mallattoo araaraati jedhama.
B. Callee:colleen faaya dubartii ta’eekan yeroo jila adda addaa dhaqanhidhatanii waaqa kadhatanidha. Akka odeefkennitoonni ibsanitti,colleen bifa diimaafi adii irraa kan hojjetamu ta’eedubartoonni yeroo waaqa kadhatanmormatti yookiin harkatti qabachuunitti gargaaramu jedhu.kana irraa kan ka’e colleen faaya dubartii Oromookandubartoonni dhalaafi horii naaf kenni ittiin waaqa kadhatanidha. Kun immoo tuuta firii calleewalittii makamanii sanatti fakkeessinuhorsiisi jedhanii kadhatu jechuudha.
C. Siinqee:siinqeen jila adda addaa keessatti kanneen akka buttaa qaluufi ayyaana Irreechaa irratti kan dubartiin qabattee hirmaattudha.Waan kana ta’eef, siinqeen meeshaalee ayyaanni ittiin kabajamudha jechuun ni danda’ama. Guyyaa warri dhiiraameeshaalee ulfoo ta’an qabatanii socho’an beerri siinqee qabattee wajjin sochooti.Kanaaf ulfinni bokkuuf,kallachaafi caaccuuf kennamu,siinqeefis haaluma walfakkaatuun nikennama.Kana malees dubartoonni araaraaf dhimma itti ba’u.namoota wallolanii wal miidhuuf ka’an gidduu haati siinqee siinqee qabatteeyoo hadarte irra darbaniiwalhinreebani;safuudha.Siinqeen meeshaalee ulfooayyaana ittiin kabajan keessaa isa tokkodha.Akkuma dhiirri bokkuu qabatu dubartiin immoo siinqee qabatti.meeshaaleen kunneen ulfoo waan ta’aniif dubartoonni meeshaalee kanneen qabatan nikabajamu

Uffata Aadaa:Dubartoonni uffata aadaa uffatan kabaja addaa qabu. Kana jechuun kanneen uffata gaggabaabaa,kofoofi faashina garagaraa uffatan wajjin yoo madaalaman, warri uffata aadaa uffatan safuufi eenyummaa isaanii waan ibsuuf nikabajamu. Akkaataan uffanni aadaa ittiin bocamee hojjetamu hiika mataa isaa waan qabuuf eenyummaa saba tokkoo ibsuu keessatti gahee guddaa taphata. Kanaaf uffanni aadaa safuufi eenyummaa saba Oromoo sirriitti waan ibsuuf dubartoonni gaafa isa uffatan warra kaan irraa adda ta'anii mul'atu.

## 4.2. Ergaa Jechoota Safuu

Akka maanguddoo Goobanaa Amansiisaa gaafa guyyaa 5/7/2012 ibsanitti, jechoonni safuu akkaataa naannichatti beekamuun ergaan isaanii ifa ta'a.

Namni waan safeeffatu kabaja; safuu buufata;sodaata.

Safuun ergaa dhokataa ofkeessaa qaba. Ergaa sanas kan hubachuu danda'u nama naannicha jiraatudha. Sababni isaa jechoonni iddoo tokkotti akka safuutti ilaalaman iddoo biraatti akka safuutti ilaalamuu dhiisuu danda'u. Kanaaf, ergaa jechoonni safuu sunneen qaban hubachuuf aadaa naannichaa beekuun barbaachisaa akka ta'etu himama. Ergaan jechoota safuu safuuwwan dubbataman,safuuwwan kabajaman keessatti argama.

## 4.3. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa

Haasawa adda addaa hawaasni waliin taasisu  keessatti jechoonni safuu iddoo gudda qabu. Maanguddoo Tasammaa Ooshaa gaafa guyyaa 17/9/2013 faayidaa jechoota safuu gama adda addaan qabu addeessaniiru.Namni yoo safuu beeke walkabajee waliin jiraata. Kanas kan raawwatu safuun ilaalcha namni namaaf qabu jijjiruu keessatti gaheen jechoonni kunneen qaban salphaa miti.Oromoon waan hunda safuudhaan hojjeta. Yeroo kana nama nikabaja,uumamaafis safuu qaba. Uumaas nisafeeffata.Yookadhates uumaan isa dhagaha. Kunis kan ta'eef Oromoon dur safuu uumaas ta'e safuu uumamaa eegee waan jiraatuufidha.

### 4.3.1. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa Maatii  Keessatti

Miseensonni maatii tokko jireenya isaanii guyyaa guyyaa keessatti walkabajanii safuu waliif kennaa jiraatu. Abbaafi haati,safuu qabu.Hangafti safuu qaba. Ijoolleen yeroo abbaa waaman maqaan hinwaamani.Maqaa kabajaan waamu.Iddoon ciisaafi gaheen abbaa ulfina qaba.Haatis deessuunis ta'e guddiftuun safuu qabu.Akkasumas, hangafti ulfina

qaba.Hangafti immoo akka abbaatti ilaalama.Kanaaf, walkabajuudhaan safuu osoo waliif hinkenninee waliif abboomamuufis ta'e waliin jiraachuun hindanda'amu.

### 4.3.2. Faayidaa Jechoota Safuu Dubartootaa Hawaasa keessatti

Waliin jireenya hawaasummaa keessatti safuu iddoo guddaa qaba.Jaalala,maqaa gaarii,nageenya guddina nama dhuunfaa irra darbee hanga gudina biyyaatti bu'aa olaanaa qaba. Hawaasa keessatti waan sirrii hintane akka hinraawwanne taasisa.jechoonni safuu kabajaafi jaalala, obsa, waldanda'uufi kan kana fakkaatantu argama waan ta'eef, hawaasa keessatti faayidaa olaanaa qaba.Hawaasni jaalala, obsaafi waldanda'uu akkasumas, uumaafi uumamaaf kabaja laachuun immoo, namni akka uumaafi uumama waliin walitti hinbuunee gargaara.

Namni safuu qabu nibarbaadama.Jechi isaa nikabajama. Inni humna qabuufi kan humna hinqabne akkasumas,kan fira hedduu qabuufi fira xiqqoo qabu osoo safuun hinjirree waliin jiraachuun rakkisaadha ture. Sababa safuun jiruuf hunduu walkabajee wal faana jiraata.Nagaan namoota gidduu akka jiraatu gochuu gochuurra darbee biyyoota gidduu illee, nagaafi waliigalteen akka waliin jiraatan gumaachi safuufi jechoota safuutti dhimma bahuu salphaa miti.Hawaasni haala waliin jireenyaa keessatti jechoota safuuf idddoo gudddaa kenna.Kanaaf,seera yookaan safuu eeguun faayidaa akkuma qabu,safuu eeguu dhiisuunis miidhaa mataa isaa qaba.Faayidaa jechoota ilaalchisee,faayidaa jechoonni safuu qaban kan humna guddaa qabaachuu isaaniiti. Seera ittiin hiikama jechoota safuu cabsuun itti fayyadamuun hawaasa keessatti dhiibbaa gama aadaa, amantaafi hawaasummaarraan ga'uu danda'a. Kanaafuu, jechoonni waan safeeffatamaniif sodaatamu waan ta'eef, bakkeewwan wal dhabbii garaagaraatti akkaataa haasaa dubbattootaafi dhaggeeffatootaa gara fudhatama qabutti deebisuuf safuu hawaasni ittiin jiraatu humna guddaa qaba.

## 4.4.Haala Jechoonni Safuu Dubartootaa Yeroo Si'aanaa Irra Jiran

Akka maanguddoo Alamuu Birruu gaafa guyyaa 11/10/2012 ibsanitti,Wantoonni Oromoon ittiin beekaman guutummaattis yoo ta'uu baate hedduun isaa akkaataa durii irra hinjiru. Garuu hangi ta'e nimul'ata. Oromoon dur aadaa,safuufi falaasama mataa isaa hordofaa ture. Yeroo si'anaa garuu aadaan nyaataa, aadaan uffannaa, amantaafi safuun jijjiiramaa adeemuu irraa kan ka'e,jechoonni safuu ibsanis,aadaa kanneen waliin kaan dhabamsiifamaa,kaan Oromoon waan

hojjetu hundumaaf safuu akka qabu, safuufi duudhaa isaa dur qabu sababa dhiibbaawwan adda addaan irraa mulquuf yaalaa akka turaniifi tokkummaan uummatichi qabus sababa shira garagaraan akka diigamu gochuufi fedhii malee amantiin alagaa akka itti fe'amutaasifamaa tureen kaan dhabamsiifamee kaan laafee jira.

Gaafa guyyaa 6/8/2012 maanguddoo Hundumaa Tarrafee jedhanitti, dur Oromoon safuu eegee waliin jiraata.Amma garuu haalli hunduu jijjiirameera.Aadaan, Safuun iddoo durii hinjiru. Dhaloonni si'anaa aadaafi safuu abbootaa kan hordofan muraasa. Namni gurra isaa gara teekinoloojii, faashina hordofuu,waan yeroo si'anaa duukaa fiiga malee kaleessa aadaan akkam ture?Abbbootiin maal jedhu? jechuun namni gorsa fudhatu hinjiru. Anatu caala,anaatu beeka jechuun waldhagahuun nidhabame; aadaa kabajuurra gara dhimma dhuunfaafi amantaaf iddoo laachuutti xiyyeeffatame.

Oromoon dur aadaa, safuu mataa isaa qaba. Haata'u malee sababawwan adda addaarraan kan ka'e, aadaan,barsiifatniifi safuun hawaasaa baay'ee laafuun hanga baduu irra gahutti dhiibbaan irra gahaa jira. Kan yoo jennu Oromoon amantii mataa isaa, aadaafi safuu isa ibsu qaba ture.Adeemsa keessa amantii adda addaa hordofuu eegale.Kanaan walqabatee aadaafi safuu amantaa fi safuu sana faana deemuuf iddoo laachuu malee dhaloonni ammaa baay'een kan dur hinyaaddatu. Kaan ammoo faashinaafi wantoota ammayyaa faana bu'uun aadaa gatuun safuu cabsanii, dabsanii haasawuun ibsuu barbaadu.Gama biraan waldhagahuu dhabuufi namoota aadaafi amantaa mataa isaanii hordofaniif iddoo dhageettii dhabuudha.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun cuunfaa, argannoofi yaboo yookaan akka yaada furmaataatti rakkoolee qorannicha keessatti mul'ataniifi jajjabeeffaman irratti xiyyeeffata.

### 5.1. Cuunfaa

Qorannoon kun xiinxalaergaa jechoota safuu Oromoon godina Shawaa Lixaa aanaa Gindabaratirratti dubartootaaf qabu xiyyeeffachuun kan adeemsifamedha.

Kaayyoon qorannoo kanaas ergaa jechoota safuu dubartootaa, faayidaa isaan qaban, haala kamirra akka jiran xiinxaluun ibsuudha.Qabiyyee boqonnaa duraa keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoo, barbaachisummaa, daangaa, hanqinaafi ibsi naannoo qorannichaa dhiyaachuun ibsameera. Boqonnaa itti aanu keessatti sakattaan barruu walfakkii hiika fookiloorii qabatee qorannoo walfakkii akkasumas, yaadiddamni qorannichi dhimma itti bahe dhiyaateera. Gaaffilee qorannoo boqonnaa tokko keessatti ka'an deebisuuf maloota funaansa ragaalee afgaaffii, daawwannaaf mariidhaan argame walitti qabamee boqonnaa afur keessatti qaacceffameera.

Jechoonni safuu dubartootaa haala adda adddaan ibsamu:kunis hawaasa keessatti akkaataa kabajaafi namoonni iddoo dubartootaaf kennan waliin walqabata. Dubartoonni sadarkaa umurii garagaraa irra jiran akkaataadhuma umurii isaaniin kabaja safuu qabaatu. Dubartoonni maanguddoo, haadha manaan, dubartoonni ulfaa, deessuufi ijoollee dubaraaf jechoota jedhamuufi jedhamuu hinqabne adda addadha. Ergaan isaaniis jechootuma kanaan walqabata. Jechoonn safuu dubartootaa maatii keessatti gahee guddaa qaba. Hawaasa keessattis faayidaan isaa salphaa miti.

Walumaagalatti, ergaan jechoota safuu dubartootaa jechootuma sana keessatti argama. Sadarkaa umuriin walqabatee akkaataa garagaraan safeeffatama. Faayidaan jechoonni safuu dubartootaa maatii irraa kaasee hanga sadarkaa hawaasaatti qabu salphaa miti. Jechoota

safuu dubartootaa kanneen namoonni akkaataa barbaachisummaa isaatti akka iddoo laachaa akka hinjirre ilaalameera.

## 5.2.Argannoo

Qorannoon tokko erga gaggeeffamee booda bu'aa qorannoo sanaa kan agarsiisuargannoo qorataan sun erga qorannoo sana adeemsiseen booda irra gahudha. Qorannoo mata duree xiinxala ergaa jechoota safuu Oromoon dubartootaaf qabu Godina shawaa lixaa aanaa Gindabarat irratti xiyyeeffate jedhu irratti gaggeeffameen bu'aa qorann isaa kan ta'e akka armaan gadiitti lafa kaa'ee jira.

**Bu'aa qorannoo kanaan argannoowwan argaman:**

- Jechoonni safuu dubartootaa safuu firummaa, lammummaa, safuu sadarkaa umuriin walqabatu akka ta'e adda baheera.
- Ergaan jechoota safuu dubartootaa jechoota safuu kanneen keessatti argamuufi namni bifa icciitii ofkeessaa qabuun ergaa dabarfachuun uumaafi uumamaan waliigaluun waliin jireenya madaalawaa ta'e akka jiraatan bira gahameera.
- Namoonni nama caalatti jechoota safuu waan sodaataniif uumamaafis ta'e walii isaaniif iddoo laachuun nagaan akka waliin jiraataniif gaheen jechoota safuu olaanaa ta'uufi sodaatamuun isaa akka namoonni wal kabajanii waliin jiraatan kan taasisuu ta'uufi irra caalatti kan waa'ee jechoota safuu beekuufi itti dhimma bahu maanguddoota ta'uu adda baafameera.
- Jechoonni safuu yeroo si'anaa sababa amantaa garagaraa,sababa faashina adda addaafi wantoota qaroomina fakkaataniin dhabamsiifamuufi kaan isaanii immoo baay'ee laafanii jiraachuun isaan qorannoo kanaan bira gahameera.

## 5.3Yaboo

Ummanni Oromoo Gindabarat eenyummaafifalaasama safuu Oromoo ibsan kana haala garagaraa keessatti itti dhimma bahaa tureera.Jechoota safuu ofkeessaa qaban kanneenaadaa eenyummaa sabaa ibsan kana kunuunsuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha.Kanaafuu, odeeffannoo argamerratti hundaa'uun argannoo qorannoo kanaan biragahame jechoota safuu:

- Jechoota safuu dubartootaa gara barnootaatti fiduun akka baratamuufi caalatti dhimma itti bahamu.
- Qaama jechoota safuu kanatti dhimma bahu, karaa barataa, barsiisaa,aadaafi turizimii waliin ta'uun, hawaasa barsiisuu; Akka dagaagu taasisuu.
- Gara fuulduraatti yeroo bal'aa fi baajata gahaa karoorsuun bifa garagaraan qorannoo bal'aa safuu Oromoon walqabatu taasisuu.
- Gama amantaanis ta'e,haala babal'ina qaroomaa keessatti bifa safuu uummatichaa hinmiidhamneen akka barsiifamu jajjabeessuufi hubachiisuun gahee Oromoota hundaati.

**Wabiilee**


Addunyaa Barkeessaa. 2010. *Akkamtaa*. Finfinnee Finfinnee:Oromiaa

Asafaa Tafarraa (2009). *Eela, Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee, Oromiyaa: Far East Trading Press.

Asmarom Legese.(1973).*Gada*.Three Approaches to study of African society.New York: Macmillan.

Bascom William. (1954). *The Journal of American Folklore (vol 67. No 266)* American Folklore Society press.

Bilisummaa Caalaa (2012).*Xiinxala safuufi safeeffannaa uummanni Oromoo namaaf qabu*godina addaa naannawaa Finfinnee bulchiinsa magaalaa buraayyuu kan xiyyeeffate

Biqilaa Tufaa, 92016). *Qaaccessa Safuufi Safeeffannaa Uummata Oromoo Godina Arsiifi Gujii.*Yuunvarsiitii Finfinnee: Qorannoo MA Guuttachuuf Kan Hojjatame.

Birhaanuu Taakkalaa.(2013).*Laguufi Lagannaa Oromoo.*Finfinnee Oromiyaa.

B.B.A.W(2011).*Barroo Amantaa Waaqeffannaa*:Finfinnee.

Caalaa Soorii (2013*). Irreecha Hora Harsadii*.Oromiyaa: Duukam. Elleni PLC.

Dastaa Dassaaleny.(2009). *Bu'uura qorannoo*. Addis Ababa: mana maxxansaaBoolee.Publications association with British council.

Dassitaa Alamaayyoo (2015)Safuu: the indigenous oromo moral system:Addis Ababa university.

Dirribii Damusee Bokkuu(2012*). Ilaalcha Oromoo* :Biiroo Aadaa ,Seenaaf Amantoota Oromoo.Finfinnee : mana maxxansa Finfinnee.

Dorson R. 1972. *Folkore and Folklife An Introduction to Chicago*.The University of Chicago.

Fayyisaa Addunyaa (2016). *Xiinxala Adeemsaafi Fakkoommii Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromoo*

Kamisee.

Fedhasaa Aadasaa (2019).***Bu'uuraaleeOgbarruuOromoo***.Finfinnee:Oromiyaa.

Fekade Azez (2003) "Teaching Material Selected and Compiled Reader For Elit."Department Of Ethiopian Language and

Filee Jaallataa (2016).*Beekumtaa Oromoo I.* Addis Ababa.

Geetachoo Rabbirraa ( 2016). *Furtuu, Seerluga Afaan Oromoo. 5th Edition.* Finfinnee: Dhaabbata kurraaz intarnaashinaal.

Kidaanuu Zallaqaa (2016). *Safuufi Aadaa* . Finfinnee: Maxxansaa Saglii.

Leellisaa Aadaa (6413).*kudhaama seenaa*.Finfinnee;Oromiyaa

Maammoo Gadaa ( 2018). *Duudhaa, Maxxansa 4ffaa* . Finfinnee Oromiyaa: MYBT Printing press .

Malaakneh Mangistuu. (2006). *Fundamental of Literature 3 rd*.Addis Ababa: A.A.U.Press.

Misgaanuu Gulummaa. (2011). *Dilbii*: Finfinnee.

Nadia Ghounane (2012).Asocio Lingustic View Of Taboo LanguageAnd

Euphemisms In The AlgreianSociety: AttitudesAndBeliefsInTlemcenSpeech Community Tlemcen University.

Okopewho,I(1992).*AfricanOral Literature*:Back Grounds, Characteristics andContinuity.Bloomington and Indiana University press.

Taarikuu Wayyeessaa (2008) Xiinxala Sirna Ekerdubbistuu Godina ShawaaLixaa Aanaa Gindabarat

Tilahun Gamta. (1987). *Oromo- English Dictionary*.Unversity pirnting press.

Tomson,Stith.(1949).Foklore:standard dictionary of foklor,mythology and legend. New York:fun and wagnalls campany.

Warqinaa Abbaa Soorii (2008). *Sirna Gadaa.*Finfinnee.

Tarruu Unguree. (2015*).Waaqeffannaa*. Amantaa Duudhaa Ganamaa. Finfinnee ..

Waajjira Aadaaf Turizimii Aanaa Gindabarat. (2019).‘‘Waraqaa Qorannoo Adeemsa Sina

Gadaa Aanaa Gindabarat.’’Kan hin Maxxanfamiin.

Wandimmuu Nagaashifi Boonii Tasfaayee . (2015). *Seenaafi Sirna Gadaa Oromoo Maccaa Hanga Jalqaba Jaarraa 20ffaatti*. Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa: Bole Printing Enterprise Warqinaa Abbaa Soorii (2008). *Sirna Gadaa.*Finfinnee.

Warquu Dachaasaa.(2006).*Wiirtuu.Jildii 11ffaa.* Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa. Finfinnee:MA printing &packaging PLC.

**Tarreeffama Caasaalee Hidda Latiinsaa**

Tarreeffamni caasaalee armaan gadiitti dhiyaatan gabaasa qorannoo kanaa keessatti caasaalee hidda latiinsaa fuula irratti argaman kan mul'isudha.

Caasaa 1________________________

Caasaa 2-------------------------------------

Tarreeffama Suuraalee Qorannicha Keessatti Argaman Agarsiisan.

Tarreeffamni suuraalee odeefkennitootaa safuu Oromoon dubartootaaf qabu: armaan gaditti dhiyaatan gabaasa qorannoo kanaa keessatti suuraaleen fuula irratti argaman kan mul'isudha.

Suurraa 1------------------------------------------------------------

Suuraa 2-------------------------------------------------------------

Suuraa 3-------------------------------------------------------------

Suura 4---------------------------------------------------------------

Suura 5---------------------------------------------------------------

Suura 6--------------------------------------------------------------

## Dabaleewwan

## Dabalee A

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI

SAB-QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Kabajamtoota odeef-kennitootaa**

Kaayyoon afgaaffii kanaa mataduree "Xinxaala Ergaa Jechoota Safuu Uummanni Oromoo Dubartootaaf Qabu: Godina Shawaa Lixaa Aanaa Ginandabarat irratti kan xiyyeeffate" isa jedhu irratti odeeffannoo funaannachuun qorannoo gaggeessudha. Kanaafuu, hirmaannaan isin kallattiidhaan afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa'ina qorannoo kanaatiif baayyee barbaachisaa waanta'eef, odeeffannoo dhugaa kan hawaasni duraan itti fayyadamaa turaniifi ammas itti fayyadamaa jiran osoo irraa hinhambisiin natti himuun gahee isinirraa eegamu akka gumaachitan isin gaafachaa, ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan ooluufi iccitiin isaa kan eegamu ta'uu gamanumaan waadan isinii gala.

Odeeffannoo seenduubee odeefkennitootaa

Maqaa --------------------------Saala---------Umurii---------Ganda-------------Hojii----------

1. Dubartoota Maal Maal Jettanii Kabajju?
2. Haadha Manaa Keessan Nikabajjuu? Yoo Itti Aartan Maal Jettuun?
3. Dubartootaaf Safuu Kennuun Faayidaa Niqabaa?
4. Hawaasa Keessatti Jechoota Safuu Ofkeessaa Qabuun Waamuun Mal Fayyada?
5. Safuu Dubartootaaf Kennuun Maatii Keessatti Faayidaa Niqabuu?
6. Jechoonni Safuu Dubartootaa Yeroo Si'anaa Haala Kamiin Mul'achaa Jiru?
7. Jechoonni Safuu Dubartoota Maanguddootaaf Jedhaman Maal Maal Fa'a?
8. Safuun Haadha Manaa Ilaallatan Isaan Kam Fa'a?
9. Safuu Dubartoonni Sina Adda Addaa Keessatti Qaban Maal Maali?
10. Jechoonni Safuu Dubartoota Ulfaa Ibsan Isaan Kami?
11. Jechoonni Safuu Ijoollee Dubaraaf Jedhaman Maal Maal Fa'a?
12. Safuu Malee Jiraachuun Miidhaan Isaa Maali?
13. Safuun Kanneen Yoo Daban Miidhaan Inni Qabu Maal Faadha?

**Dabalee B**

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

KOOLLEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANOTAA JOORNAALIZIMIIFI

SAB-QUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

**Kabajamtoota odeef-kennitootaa**

Kaayyoon Mariin Garee kun barbaachiseef mata duree Xiinxala Ergaa Jechoota Safuu Oromoon Dubartootaaf qabu Godina Shawaa Lixaa Aanaa Gindabarat jedhu irratti ergaa,gosoota,faayidaafi haala jchoonni safuu dubartootaa irra jiran xiinxaluudha. Isinis galma ga'insa qorannoo kanaaf gaaffilee waa'ee safuu Oromoon dubartootaaf qabu ilaalchisuun beekumsaafi muuxannoo qabdan waliin mari'achuun yoo naaf hirtan bu'aa qorannoo kanaatti akka waliin gammannu abdachaa kabaja guddaa waliin isin gaafadha.

Odeeffannoo seenduubee odeefkennitootaa

Maqaa --------------------Saala---------Umurii---------Ganda--------------Hojii-------

1. Dubartoota Kabajuuf Jecoota Akkam Akkamiitti Dhimma Baatu?
2. .Jechoonni Safuu Dubartootaa Akkamiin Hubattu?
3. .Faayidaan Jechoota Safuu Dubartootaa Maal Maali?
4. Jechoonni /Safuun Dubartootaaf Kennamaa Jiraa?
5. Faayidaan Jechoonni Safuu Dubartootaa Maatiifi Hawaasa Keessatti Qaban Maal Maal Fa'a?
6. Gosoota Jechoota Safuu Kanneen Lagataman Kamfaadha?
7. Jechoonni Safuu Dubartootaa Sababa Maaliif Lagatamu?
8. Jechoonni Safuu Dubartoota Agarsiisan Akka Laafaniifi Dhabamsiifaman Kantaasisan Maal Fa'i?

**Dabalee C**

Gabatee Waa'ee Odeeffannoo Odeeffattoota Ibsu

| Maqaa | Umurii | Saala | Hojii | Ganda |
|---|---|---|---|---|
| 1.Abarraa Dhoowwaa | 48 | Dhi | Q/B | C/J |
| 2.Baqqalaa Wayyumaa | 75 | Dhi | Q/B | X/M |
| 3.Birrituu Magarsaa | 50 | Dha | H/W/B | Kaachisii |
| 4.Birqii Bultoo | 49 | Dha | B/Stuu | Kaachis |
| 5.Bultoo Dabaloo | 56 | Dhi | Q/B | W/R |
| 6.Dabaloo Qattur | 90 | Dhi | Q/B | W/R |
| 7.Dabgaatuu Dawoo | 86 | Dha | H/M | W/R |
| 8.Daksiisaa Tolasaa | 52 | Dhi | B/Saa | Kaachisii |
| 9.Deebisaa Leenjisaa | 87 | Dhi | Q/B | Kaachisii |
| 10.Dinqinash Dhinsaa | 50 | Dha | H/M | W/R |
| 11.Dirribaa Baabuu | 73 | Dhi | waardiyyaa | Kaachisii |
| 12.Dirribaa Dheerssaa | 58 | Dhi | Q/B | X/M |
| 13.Finjilee Hoofuu | 85 | Dha | H/M | X/M |
| 14.Gaddoo Bazzaa | 60 | Dhi | Q/B | X/M |
| 15.Godee Hoofuu | 77 | Dha | H/M | W/R |
| 16.Goobanaa Amansiisaa | 78 | Dhi | Q/B | W/R |
| 17. Hundumaa Tarrafee | 62 | Dhi | Q/B | X/M |
| 18.Likkituu Baanjee | 79 | Dha | H/M | X/M |
| 19.Magarsaa Gonfaa | 57 | Dhi | H/W/L | Kaachisii |
| 20.Mul'ataa Tolaa | 63 | Dhi | H/W/A/T | Kaachisii |
| 21.Nagaroo Mul'ataa | 53 | Dhi | Q/B | C/J |
| 22.Naggasaa Tarrafee | 58 | Dhi | Q/B | C/J |
| 23.Nugusee Badhaadhaa | 83 | Dha | H/M | C/J |
| 24.Nuurgii Dabbaallii | 68 | Dhi | Q/B | X/M |
| 25.Tasammaa Ooshaa | 71 | Dhi | Q/B | C/J |
| 26.Waltajjii Shurii | 89 | Dhi | Q/B | C/J |
| 27.Xinnuu Badhaadhaa | 67 | Dha | H/M | Kaachisii |



Fakkii : Maanguddoo gaafa guyyaa 29/5/2012 gosoota jechoota safuu irratti odeeffannoo gaafa guyyaa laatan.




Fakkii :gaafa guyyaa 5/9/2012 jechoota safuu lagatamanii fi hinlagatamne irratti marii garee taasisan.



**Fakkii :namootagaafa guyyaa 8/7/2012 safuu dubartoonni sirna adda addaa keessatti qaban irratti marii garee gaggeessan.**



Fakkii: maanguddoo gaafa guyyaa 5/7/2012 jechoota safuu haadhaaf jedhaman irratti odeeffannoo laatan .



Fakkii:maanguddoo gaafa guyyaa 5/7/2012  ergaa  jechoota  safuu irratti yaada kennan



Fakkii,:maanguddoogaafa guyyaa 6/8/2012 wantoota jechoota safuu irraan miidhaa geessisaniifi haala jechoonni safuu yeroo ammaa irra jiran irratti odeeffannoo kennan.


KAARTAA AANAA GINDABARAT
NAANNOO BULCHINSA AMAARA
CIRRACHA GATOO
BIDARUU GOBOTAA
GARRE DOOBBII
QARE SANKOOR II
Kaloo Badhaasa
WINE ROGGE
Coomee Mana Eygaa
Ulaa abbaa Daadhii
Baxxee Bal'aa
Gamma daa
Candoo Jibaat
Mukadimaa
Saga boyyii
Beybaaboo
Diyyee Fajji
Damota
Gayyee Soolee
Qilxuu Sanbatee
Goyo abba Sabbat
Saga Yadii
Laga Maccaa
Bashee
AANAA JALDUU
AANAA ABUNAA GINDABARAT
WALAGA

**Ibsa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame,waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta’uusaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa’uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa -------------------------------------------------------

Mallattoo ---------------------------------------------------

Guyyaa   -------------------------------------------------------

Ani Dr. -------------------------------------------------------------- hojiin barataa kanaa of ittisuuf dhiyaachuu danda’uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa --------------------------------------------

Mallattoo -----------------------------------------

Guyyaa -------------------------------------------